

# Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaa

## Kutaa 6

### Kitaaba Barattootaa

#### **Qopheessitoota**

Girmaa Xilaahun(PhD)

Abiyoot Morkaa(MSc)

#### **Gulaaltota**

Birihaanuu Tasammaa(G/ Pir)

Abdiisaa Gammachuu (MA)

#### **Madaaltota**

Birhaanuu Dabalaa Aruusaa (Med)

Isaayyaas Tafarraa (MSc)

Mulaatuu Guddisaa (Med)

#### **Giraafiksii**

Soloomoon Alamaayyoo Guutamaa (MA)

#### **Fakkibsa**

Soloomoon Alamaayyoo Guutamaa(MA)

Buzaayyoo Girmaa Kibabawu

© Biirroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022



Kitaaba kana Biirroo Barnootaa Oromiyaatu Kollejjii Barnoota Barsiisotaa Naqamtee waliin ta'uun bara 2014/2022 qopheessee maxxansiise.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biirroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isuun raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

**Baafata**

<b>Qabiyyee</b>	<b>Fuula</b>
Seensa.....	v
BOQONNAA TOKKO.....	1
Yaad-Rimee Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaafi Ispoortii.....	1
1.1. Kaayyoo Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaa.....	2
1.2. Hiika Ispoortii.....	4
1.3. Olompikii.....	5
1.4. Himaalee afaanii Ispoortii Itiyophiyaa.....	7
1.5. Ispoortii keessatti Qoricha Humna Dabalataa kenu fudhachuu.....	9
BOQONNAA LAMA.....	13
Guddina Hawaasummaafi Currisa.....	13
2.1. Sochii qaamaafi taphootaan dandeettii of-hogganuu guddisuu.....	14
2.2. Sochiilee Qaamaafi taphoota keessatti Murtii Itti Gaafatamuummaa Qabu Kenu Guddisuu.....	16
2.3. Taphootaafi sochiilee keessatti to`anno yaad-qalbi guddisu.....	19
BOQONNAA SADII.....	22
Ga` Umsa Qaamaa.....	22
3.1 Humnummaa Onneefi Sombaa.....	23
3.2 Humnummaa Maashaalee.....	26
3.3 Dadacha'iinsa.....	28
3.4 Si'aayina.....	30
BOQONNAA AFUR.....	34
Atileetiksii.....	34
4.1 FageenyaafUtaaluu.....	35

## Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaa

4.2 Fageenyaaf Darbachuu.....	36
4.3 AriitiifFiiguu.....	39
4.4 Fageenyaaf Fiiguu ( figicha giddu galeessaa).....	41
BOQONNAA SHAN.....	46
Qiriiphaa.....	46
5.1. Gosaalee Qiriiphaa.....	46
5.2. Gosaalee Qiriiphaa meeshaa.....	53
5.3. Fayidaa sochii qiriiphaa.....	55
BOQONNAA JA'A.....	58
Dandeettii Bu'uraa Kubbaa Oofuufi Qila'uu.....	58
6.1. Kubbaa miila alaan oofuu.....	58
6.2. Tapha Garee xixiqqaa keesssatti kubbaa miila alaan gabaabsanii oofuu.....	61
6.3. Kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu.....	63
6.4.Tapha keessatti akaakuu kubbaa oofuu garaa garaa fayyadamuu.....	64
6.5. Kubbaa jalaa ol-qila'uu.....	66
6.6. Kubba Irraa gadi qila'uu.....	68
6.7 Taphoota bashanhansiisoo.....	69
BOQONNAA TORBA.....	72
Shubbisaafi Tapha Aadaa Naannoolee Itoophiyaa.....	72
7.1. Shubbisa aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaa.....	73
7.2 Taphoota aadaa beekamoo muraasa naannoolee Itiyoophiyaa keessatti argaman.....	76



## Seensa

Barnoonni guddina dhala namaa keessatti jireenya fooyya'aa akka jiraatuufi rakkolee adda addaaf furtuu ta'uun fayyada. Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa barnoota furtuu ta'an kana keessaa isa tokkodha. Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa dhalli namaa dandeetti sochii qaamaatiin, guddina sammutiin gonfachuufi walittidhufeenyaa hawaasummaan akka dagaagu taasisa. Barnoonaifayyaafi jabeenya qaamaa irra caalaattikan hunda'ee sochii qaamaa irratti waan ta'eef faayidaa inni kenu danuudha. Isaan kana keessaa muraasa yoo himuun barbaachise, fayyummaa guutuu qabaachuu, ga'umsa qaamaa dagaagfachuu, balaa adda addaa irra ofooluu, araada adda addaa irraa of-eeguu, of bashannansiisuu, waa kalaquu gabbifachuufi kan kana fakkaataniif nu fayyada.

Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa kutaa 6<sup>ffaa</sup> kumbifa haaraadhaan kan qophaa'e yemmuu ta'u kanaan dura qajeelcha barsiisotaa malee kitaabni barattootaa osoo hin barreefamin tureera. Haaluma kanaan, kitaabni kun boqonnaa torba kan qabuudha. Qabiyyeewan barataman: barnootafayyaafi jabeenya qaamaafi ispoortii ammayyaa, barnoota fayyaaf jabeenya qaamaa keessatti hawaasummaafi currisa barachuu, fayyaafi ga'umsa qaamaa, atileetiksii, qiriiphaa, dandeettii bu'uuraa kubbaa miilaa oofuufi kubbaa saaphanaa jalaa ol-qila'uufi shubbisaafi tapha aadaa Itiyoophiyaa ta'u.

# BOQONNAA TOKKO

## YAAD-RIMEE BARNOOTA FAYYAAFI JABEENYA QAAMAAIFI ISPOORTII

Bu'aalee barachuu Boqonnaa kanaa

Xumura boqonnaa kana booda:

- Yaad-rimee barnoota fayyaafi jabeenya qaamaafi Ispoortii nihubata.
- Yaad-rimee barnoota fayyaafi jabeenya qaamaafi Ispoortiif gatii nikennita.

### Seensa

Mana barumsaa keessatti barnoota kennamu keessaa barnoonni fayyaafijabeenya qaamaa isa tokkodha. Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa barumsa sochii qaamaa irratti kanhundaa'e ta'ee dagaagina qaamaa, sammuu, currisaafi hawaasummaaf kanfayyadudha. Qabiyyeewan boqonnaa kana keessatti barattan kaayyoo barnoota guddinaaf jabeenya qaamaa, hiika ispoorti, malleen ittisa miidhaa ispoortii, gochaafi himaalee afaanii ispoortii Itoophiyaa haala misooma, siyyaasaafi hawaasummaa keessatti qabufi, asxaafi dhaadannoo Olompikii ta'a.

## 1.1. Kaayyoo Barnoota Fayyaafi Jabeenya Qaamaa

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura baranno kana booda:**

- Bu'aa barnooti fayyaafi jabeenya qaamaa dagaagina qaamaaf kenu nihimta.
- Bu'aa barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa hawaasummaa keessatti qabu ni ibsita.
- Bu'aa barnooti fayyaafi jabeenya qaamaa dagaagina sammuufi currisaf qabu nitaarreesita.

### Gocha 1.1

1. Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa dagaagina qaamaa, sammuu, currisaafi hawaasummaaf akkamitti fayyada?

Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa akkuma barnoota biroo kaayyoo mataa isaa qaba. Isaanis:

- a. Dagaagina qaamaa
- b. Dagaagina sammuu
- c. Dagaagina hawaasummaafi
- d. Dagaagina currisaati.

### a. Dagaagina qaamaa

Barnoonni fayyaafi jabeenyi qaamaa kaayyoon isaan guddaan keessaa tokko ga'umsa qaamaa dagaasuuf fayyada. Sababni isaa immoo namni tokko yemmuu sochii qaamaa hojjetu qaamnisaa, irrewwan qaamaafi keessoona qaamaa (sirnaargansuu, sirna marsaa dhiigaa, sirna lafeefi mashalee) akka cimu waan taasisuufidha. Kun immoo qaamni namaa akka of-ijaaruu, hojii itti kenneme yeroo kennamee keessatti akka xumuruufi dadhabbi akka dandamatuuuf kan gargaarudha.

Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa barumsa dandeettii sochii qaamaa guddisudha. Sababakanaaf barattoonni barnoota kana akka isaan baratan taasifame. Sochii qaamaa keessatti ga'umsa gahaa qabaachuun wal-dorgommii ispoortii keessatti dorgomaa cimaa ta'anii argamuu, fayyumma qabaachuufi yemmuu hojii tokko hojjennu salphaatti akka hindadhabneef nu fayyada. Taphataan tokko sochiin qaama keessatti dandeetiifi ga'umsisaa yoo gaarii ta'e taphakubbaawan adda addaafi sochiiwan garagaraa akka gaariitti hojjechu danda'a.

### b. Dagaagina sammuu

Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa dandeettii beekumsaa rakkoo hiikuu danda'u of-keessatti qabata. Barnoonekun sochii qaamaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef yemmuu sochii kana hojjennu dhiiga Okisjininn badhaadhe gara sammuutti dafee dafee waan deddeebi'uuf dalagaa sammuu gabbisa. Dhiigi dafee dafee gara sammuu yemmuu deddeebi'u oksijiniifi soorata gahaa waan gejibamuuf yaadachuufi dandeettii barumsaa dabaluun sammuu dagaagsa.

### c. Dagaagina hawaasummaa

Kaayyoo barnoota fayyaafi jabeenya qaamaa inni biroon namoonni karaa ispoortii akka walitti dhufani hawaasummaa isaani akka dagagifatan taasisuudha. Namoonni hawaasummaa gaarii qabu yemmuu jennu dandeettii, beekamtii, walkabajuu, jaalalafikan kana fakaataanyoo qabaatan yemmuu ta'usochii qaamaa dalagunbarattoonni wal-kabaja, jaalalaafi walii yaaduuntaphatu. Haala kanaan, barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa hawaasumma dagaagsa jechuudha.

## d. Dagaagina Currisaa

Kaayyoon barnoonni faayyaafi jabeenya qaamaa inni biroon dagaagina currisaatidha. Namniumamaanamalaafi currisa adda addaa niqabaatu. Isaanis: sodaa, gammachu, aarii, abdiifi kan kana fakkataniin ibsama. Sochii barnoota fayyaaf jabeenya qaamaakeessatti hirmaachuu yoo amaleeffate currisaa kanneen akka gammachu, abdiifi ofitti amantummaa nigabbifatu.

### 1.2 Hiika Ispoortii

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Hiika ispoortii nihimta.
- Faayidaa sochiin ispoortii argamsiisu adda baasuun nitarreesita.
- Ispoortii gosa adda addaa nihimta.

### Gocha 1.2

1. Ispoortii jechuun maal jechuudha?
2. Bu`aa ispoortiin namaaf kenu yoo xiqqaate sadii himi.
3. Gosa ispoortii beektu tarreessi

Ispoortii jechuun sochiilee qaamaa bifa qinda'a ta'een dorgommii yookiin taphaan geggefamunseerafi dambii kan qabuudha. Ispoortiin faayidaa ga'umsa qaamaa gabbisuu, dagaagina sammuuf, cimsuu, walitti dhufeenya hawaasummaa dagaagsuu, currisaafi naamusa gariiqabachuuf gahee olaanaa qaba. Gosa ispoortii keessaa muraasni isaanii tapha kubbaa miilaa, tapha kubbaa saaphanaa, tapha kubbaa

harkaa, fiigichafi kanneen biroo eeruun nidanda'aama.

### Sochiin tokko ispoortiidha kan jechisiisu

- Bifa wal-dorgommiidhuunfaan yookan gareedhankan geg-geeffamu yoo ta'e,
- Seera mataa isaa yoo qabaate,
- Mo`aafi mo`aatamaanyoo adda ba'e,
- Kaayyoo kan qabu yoo ta'eedha.

Akka walii galaatti ispoortiin akka nama dhuunfaatti, hawaasaatti, biyyaafi addunyaatti ga` ee guddaa qaba.

- Akkadhuunfaatti namni dandeettii ofi isaatii, fayyaa guutuu akka qabaatu, akka inni beekamu, dinagdeen akka guddatu taasisa.
- Akka hawaasaatti fayyaa hawaasaa nifooyyessa akkasumas walitti dhufeenyaa isaanii nicimsa.
- Akka biyyatti,misoomaafidinagdee biyyaa fooyessuu keessatti ga` ee guddaa qaba

### 1.3 Olompikii

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban Xumura barannoo kana booda:**

- Hiika olompikii nihimta
- Dhaadannoo Olompikii nitarreessita.
- Amartiiwan asxaa Olompikii irra jiran maal akka bakka bu` an adda baasuun nihimta


## Gocha 1.3

1. Olompikii jechuun maal jechuudha?
2. Dhaadahoo Olompikii maal fa'i?
3. Amartiiwan shanan asxaa Olompikii maal bakka bu` u?

Olompikii jechuun waldorgommii addunyawwaa ta`ee waggaa afur afuriin biyyoota miseensa olompikii ta`anin kan gaggeeffamuudha Kaayyoon Olompikii, hirmaattota ispoortii irratti qooda fudhatan dabaluun nagaaf tasgabbi addunyaa irratti fiduudha.

Dhaadannoon Olompikii saditu jiru. Isaanis: afaan Giriikiin "sitiyus, altiyusfi fortiyus" jedhamu. Hiikaan isaaniis "saffisaa, olaanaafi jabaataa" jechuudha. Dhaadannoon kun kan dhiyaate bara 1894 A.L.Ati nama maqaansaa Piir Dee Kubertiin jedhamuunidha. Dhaadannoon Olompikii kan moggaafame yaada giddugaleefata atileetonni dorgommii kana irratti ariitidhaan fiiguu, utaaluufi darbannaa waan of-keessaa qabuufidha. Olompikiin addunyaa bara 2020A.L.A tti immoo dhaadahoo tokko "togetherness"kan jedhu dabalamee jira. Hiiknisaas "Waliin jirra" jechuudha.

Olompikiin asxaa mataasaa danda'e qaba. Asxaan Olompikii amarti shaniinkan hundeffameedha. Amartiin kun halluu bifa gara garaa kan qabu ta'e, isaanis: cuqliisa, keeloo, gurraacha, magariisafi diimaadha. Amartiin shanan kun ardi addunyaa shanan isaanis: Afirikaa, Amerikaa, Eeshiyaa, Awurooppaafi Awustiraliyaa bakka kan bu'udha. Halluuwan asxaa shanan alaabaa biyyoota addunyaa irra jiran kan bakka bu'u ta'ee, biyyoota addunyaa ittiin beekaman keessaa yoo xiqqaate halluu tokko of-keessatti niqabata.



Amartii Olompikii

## 1.4 Himaalee afaanii Ispoortii Itiyoophiyaa

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban Xumura barannoo kana booda:**

- Itiyoophiyaa keessatti ispoortiin attamitti akka eegale ni ibsita
- Fayidaa ispoortiin yeroo ammaa biyya Itoophiyaa keessatti qabu nidinqisiifatta

### Gocha 1.4

1. Haala guddina ispoortii itophiyaa ibsi.
2. Bu'aa ispoortiin yeroo ammaa biyya Itoophiyaa keessatti qabu tarreessi.

Ispoortiin biyya keenya keessatti yoom akka jalqabame waanti jala muramee beekame hinjiru. Haata'uuyyu malee, namoonni bifaa adda addaan dorgommii kan akka qillee, guluffii fardaa, wal` aansoofi kan kana fakkaatan irratti hirmaachaa akka turan nidubbatama. Ispoortiin kan akka kubbaa miilaa osoo namoonni lammileen biyya alaa gara biyya keenya hinseeniin dura abbootiin keenya hucuurraa kubbaa kan fakkaatu hojjetanii akka taphachaa turan oddeeffannoon jira.

Yeroo ammaa ispoortiin akkuma biyyoota biroo seeraafi dambii mataa isaa qabaatee bifa ammaya'aan geggeefama jira.

Ispoortiin guddina biyyaa keessatti shoora olaanaa kan qabu ta` ee fayyummaa hawaasaafi lammii fayyaa guutuu qaban horachuun misooma irratti dorgomaa cimaa ta'uun akka hirmatan taasisa. Biyyi keenya Itoophiyaankaraa ispoortiin addunyaarratti beekamu irra tartee walitti dhufeenyaa biyyoota garaa garaa waliin taasisaa jirti. Kana malees, ispoorteesitoonni biyya keenyaa akka addunyaatti beekamoo ta` an iddoon guddaa kennamaaf jira. Fakkeenyaaf, atileet Masarat Daffaar ambaasaaddara nagaa addunya ta'uun biyya keenya beeksisaa jirti. Kun bu'aa ispoortiin gama siyaasaan argamsiiseedha.

Ispoortiin guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti bu` aa guddaa qaba. Namni yeroo baay` ee sochiii ispoortii keessatti hirmaatu fayyaa guutuu qabaatee dalagaa guyyaa guyyaa keessatti ba` a qabeessa ta` a. Kana malee atileetonni wal dorgommii adunyawwa irratti hirmaachuun biyyafis ta` e ofii isaaniif galii guddaa kan argamsiisan ta` u. Waajjiraaleen ispoortii hojjettoota garaa garaa miindessuudhan namni hojii dhabdummaa irraa bilisa ba` uun jirenyaa mataa isaanii akka geggeeffatanifif nifayyada.

Itoophiyaan yeroo ammaa ispoortiidhaan hawaasa addunyaa biratti beekamtuudha. Keessumaayyuu, karaa ispoortii atileetiksiin biyyootayeroo baayyee maqaan isaanii ballinaan ka` u keessaa biyyi Itoopiyaan ishee tokkoodha.

## 1.5 Ispoortii keessatti Qoricha Humna Dabalataa kenu fudhachuu

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban Xumura barannoo kana booda:**

- Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) maal akka ta'ee nihimta.
- Miidhaa qorichi humna dabalataa qabu (Dopping) nitarreessita

### Gocha 1.5

1. Qoricha humna dabalataa kenu jechuun maal jechuudha?
2. Miidhaa qorichi humna dabalataa qabu ibsaa.

Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) jechuun daawaa, nyaata yookin dhugaatii bifa addaan qophaa'een seeraan ala dandeettii taphattootaa yookin atileetotaa dabaluuf fudhatamuudha. Qorichi humna dabalataa kennuu jedhamanii omishaman kun yeroof sirna keessoo qaama sissiyeessuun dhukkubbii keessoo qaamaa nimirrisu. Gosa qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) keessaa tokko dhiiga diimaa ergifachuudha. Dhiiga diimaa ergifachuun hanga oksijinii qaamaa dabaluuf fayyada. Haata'u malee dhiiga ergifannaan kun dhibee kalee, dhiibbaa dhiigaa, dhukkuba onneef nama saaxiluu danda'a. Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) namni fayyadamu tokko dorgommii irratti hirmachuun dhorkaadha. Namni dorgommii irratti qoricha humna dabalataa kenu fayyadamuun hirmaatee argame seeraan adabara. Akkasumas yoo injifate sadarkaan isaa irra muluqama. Akkasuma badhaasi adda addaa inni fudhate illee irraa hanga fudhatamutti ga'uu danda'a. Kana maleess dorgommii gara fuula duraatti dorgomamus nidhorkama.

Yeroo dheeraa booda miidhaa sirna neerviifi sirna keessoo qaamaa ir-ratti akka mul'atu taasisa. Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) hirmaannaa atileetotaa illee gadi hir'isuun guddina ispoortii biyya tok-koo niyuucarsa yookaan gadibuusa.



Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping)

### Cuunfaa Boqonnichaa

Kaayyoon barnoota fayyaafi jabeenya qaamaad agaagina qaamaa, sammuu, currisaafi walitti dhufeenya hawaasummaa dagaagsuuf kan fayyaduudha. Ispoortii jechuun sochiilee qaamaa bifa qin-d'aan ta'een dorgommii yookaan taphaan geggefaman ta'ee seera-fi dambii kan qabuudha. Sababooni miidha ispoortii: walitti bu`iinsa qaamaa, rakkoomeeshaa itti gargaaramanii, naannoo keessatti dorgomamuu yookaan shaakalli taasifamu, ga`umsa qaamaa gahaa hintaane, meeshaalee balaa ittisan fayyadamuu dhiisu, sadarkaa dandeettii gadi bu'uu, gosa ispoortiifi kan kana fakaataniidha.

Ispoortiin guddina biyyaa keessatti shoora olaanaa qaba. Olompikiin wal-dorgommii waggoota afur afuriin si'a tokkogeggeefamu

ta`ee biyyooni addunyaa hundumtuu wal qoodinsa tokko malee kanirratti hirmaataniidha.Qoricha humna dabalataa kenu (Dopping) jechuun daawwaan dandeettii taphattoota yookaan atileetoota seera ala dabaluuf kan qophaa'uudha.

### Gilgaala Boqonnichaa

**Gaaffilee armaan gadii erga dubbiftee booda yoo sirrii ta` e "Dhugaa" yoo dogoggorata` e "Soba" jechuun deebisi.**

1. Dorgommiin ispoortii miidhaa irraa kan walaba ta` eedha.
2. Dorgommiin Olompikii waggaa afur afuriin geggeeffama.
3. Barnoota kennamu keessaa jabina qaamaaf kan gargaaru barnoota fayyaafijabeenya qaama qofaadha.
4. Ispoortiin guddina biyyaa keessatti shoora olaana qaba.
5. Gosa qoricha humna dabalataa kenu keessaa tokko dhiiga diimaa ergifachuudha

### **II-Deebii sirrii ta` e filadhu.**

1. Asxaan Olompikii amartii meeqa qaba?  
A.3              B. 6              C. 5              D. 2
2. Kaayyoo barnoota fayyaafi jabeenya qaamaa kan hintaane isa kami?  
A.Dagaagna Sammuu              B. Guddina qaamaa  
C. Hawaasummaa cimsuudhaaf      D. Deebiin hinkennamne
3. Ittoophiyaan gosa ispoortii kamiin bayyee beekamti?

- A. Kubbaa                          B. Fiigicha
  - C. Bishaan Daakuu                D. Hunduu deebiidha
4. Halluun asxaa Olompikii irratti hin argamanne kami?
- A. Keeloo B. Magariisa            C. Diimaa                    D. Dhiilgee
5. Dhaadannoon Olompikii yeroo jalqabaaf kan hojiirra oole yoomi?
- A. 1894                            B. 1994                            C. 2004                            D. 2000

### **III- Deebii gabaabaa kenni**

6. Kaayyoo barnoota fayyaafi jabeenya qaamaa lama barreessi.
7. Miidhaa qorichi humna dabalataa kennu (Dopping) ibsi.

# BOQONNAA LAMA

## GUDDINA HAWAASUMMAAFI CURRISA

Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Xumura boqonnaa kana booda:

- Barnoota fayyaafi jabeenya qaamaa keessatti amala gaarii niargisiista
- Rakkoo hubachuudhaan furuu nishaakalta
- Yaad-qalbi horachuun Dalagaa tokko xiyyeffannodhaan dalaguu ni shaakalta

### Seensa

Barnoota fayyaafi jabeenya qaama keessatti hawaasummaafi currisaa barachuun ofhogganuu, rakkoo furuu, murtee itti gaafatamummaa qabu kennufi walitti dhufeenyaa hiriyummaa jabeesuuf gargaara. Dandeettii hawaasummaafi currisaa guddifachuun namoota biraa wajjin akkamittiin akka walii galuun danda` amufi miira ofi ibsachuun to`achuuf nama dandeesisa. Boqonnaa kana keessatti sochii qaamaa dandeettii of-hogganuu guddisan fi taphaafi sochii keessattii yaad-qalbi to`achuudhan guddisuu kan barattan ta`a.

## 2.1. Sochii qaamaafi taphootaan dandeettii of-hogganuu guddisuu

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Mudannoo /sochii/ cimaa keessatti of-hogganuu jechuun maal akka ta` e nihimta
- Sochii qaamaa keesatti dandeettii of-hogganuu attamittin guddisuun akka danda` amu ni ibsita

### Gochaa 2.1

1. Of-hogganuu jechuun maal jechuudha?
2. Sochiin qaamaa dandeettii of-hogganuuakkamiin guddisa?

Of-hogganuu jechuun dandeettii halota garaa garaa yookaan rakkisaa keessatti fedhii, amala, yaadaafi miira ofii to`achuu jechuudha. Dandeetti of-hogganuu dagaagfachuuf dhiphina to`achuu, of-beekuu, kaayyoo barbaadame bira ga`uuf carraaquu, dubbiifi aariidhaan of miidhuu irraa of-qu sachuuun barbaachisaadha.

Kanaaf, dandeettiin of-hogganuun kun sochii qaamaa keessatti baayyee barbaachisaadha. Sababinnisaa, kaayyoo ofii galmaanga`achuu, of-to` atanii jijjirama argisiisuufi guutummaatti bu`aa qabeessa akka ta`aniif gargaara. Dandeettii sochii qaamaa guddifachuuf yeroo baayyee dandeettii haaraa tokko shaakaluun barbaachisaadha. Sochii haaraa yeroo shaakaltu yookaan barattu sochii akkamii hujjechuu akka qabduufi tooftalee akkamii akka fayyadamtubekkuun barbaachisaadha. Dandeettii hubannoo ofii guddisuun jechuun akkaataa namni tokko fedhii, amalaafi miira ofii isaa ittiin hubatudha. walumaagalattii hubannoo ofii beekkuun namni tokko ofitti amanamummaa qabaatee dalagaa itti kenname akka gaaritti galaan geesisuuf kan fayyadudha.

Dabalataan, dandeettii hubannoo ofii guddisuun kan of-keessatti qabatu fedhii ofii adda baasuu, jabina ofii beekuufi ofitti amanamummaa qabaachuudha. Sochiilee qaamaa dandeettii of-hogganuufi hubannoo ofii guddisuuf gargaaran keessaa muraasaanii: lukaan kara dheera hiriyaawajjin deemuu, taphoota kubbaawwanii, buunyaafi kan kana fakkaataniidha. Fakkeenyaaaf, yeroo deemsaaaf ka'amu haasa waan hubannooinnirratti barbaadamu kaasuun hiriyaaf hiruunyaada wal jijjiira deemuu hubannoo gabbaifachuun nidanda'ama. Kanneen dandeettii of ogganuu guddisan keessaa muraasni kanneen armaan gaditti heeramaniidha.

### **2.1.1 Naamusa ofii guddisuu**

Naamusa ofii jechuun dandeettii namni tokko miira ofii isaa to'achuun dadhabiinsa nama biraa mo'uudha. Atileetin tokko sochii kamiyyuu keessatti bu`a qabeessa ta`ee argamuuf naamusi barbaachisaadha. Fakkeenyaaaf, kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaa, buunya, atileetiksii, qiriiphaa, taphoota aadaafi kan kana fakkaatan keessatti naamusni iddo ol-aanaa qaba. Sababni isaa taphataan yookiin atileetiin tokko sochii ispoortii keessatti naamusa badaa kan agarsiisu yoo ta`e adabsiisu irra darbee sochii sana irraa illee kan ariisisu ta`uu danda`a. Kanaaf sochii ispoortii keessatti hirmaachuun naamusa ofii guddisuuf nama gargaara. Naamusa gaarii qabaachuun immoo bakka dorgommii ispoortii qofaatti kan gargaaru qofa osoo hintaane tasgabbii kutaa barnootaa keessatti qabaachuuf, maatii ofiif tole jedhanii ajajamuuf, barumsa ofitti milkaa`ina argachuufa`iif illee nama gargaara. Waan kana ta`eef naamusa ofii guddifachuun jirenyaa namaa keessatti baay` ee barbaachisaadha.

### **2.1.2 Yaada gaarii guddifachuu**

Yaada qajeelumma jechuun haala kam iyyuu keessatti wanatoota qajeela ta'an irratti xiyyeffachuudha. Qajeelummaatti yaaduun

nama dhuunfaafis ta`e garee tokkoof akka moo`ichaatti fudhachuu qaba. Kana jechuun ispoortiin atileetiif kufaatii boodayuu abdii akka jiru isaan barsiisa. Fakkeenyaaaf garee yookin namni dhuunfaa tokko waldorgommii keessatti kan mo`ame yoo ta`e mo`amuu isaa akka galteetti fudhatee isa itti aanuuf of-qopheessutu irra jira. Kun immoo mo`amuu isaanii akkayaada qajeelatti fudhatanii isa dhufuuf jabaatanii hojjechuudha. Kanaaf taphataan yookin namni sochii ispoortii keessatti hirmaatu kam iyyuu yaada qajeelaa guddifachuun barbaachisaadha Kun immoo fayyummaa sammuufi guddina qaama namaa irratti bu'aa guddaa qaba. Sababni isaa namni tokko yaada qajeelummaa yoo qabaate nama biratti kan jaallatamuufi yeroo mara gammachuu kan qabaatu ta`a. Sochiin qaama immoo namni yaada qajeelaa akka guddifatuuf gargaara. Fakkeenaaf name yeroo mara sochii qaamaa keessatti hirmaatu miira ofitti amanamummaafi yadaa nandanda'aa nigabbifata.

## 2.2 Sochiilee Qaamaafi Taphoota Keessatti Murtii Itti Gaafatamummaa Qabu Kennuu Guddisuu

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Murtii itti gaafatamummaa qabu kennuu jechuum maal akka ta`e adda nibaasta.
- Seera bu'uura taasisuun murtoo ittigaafatamummaa qabu nikennita.
- Hiriyyaa gidduutti akkaataa wal-dhabbiin itti furamu nidiinqisiifatta.

### Gocha 2.2

1. Murtii ittigaafatamummaa qabu kennuu jechuun maal jechuudha?
2. Murtii ittigaafatamummaa qabu kenuufi sochileen ispoortii hariiroo akkamii qabu?

Murtii ittigaafatamuummaa qabu kennuu jechuun dandeettii itti gafatamuummaa qabu tokko ofifis ta`e nama biraaf karaa seera qabeessafi qajeelaa ta`een murteessuu jechuudha. Kunis, rakkoo jiru akkaataa tooftaa hoggansaati furuu, of-ibsuumfi of-ilaaluf gargaara. Akkasumas, dandeettii murtii ittigaafatamuummaa qabuun rakkoo adda baafachuun rakkinichaaf furmaata fiduuf fayyada.

Murtii itti gaafatamuummaa qabu murteessudhaaf dandeettiin barbaachisurakkoo addabaasanii beekuu, haalarakkinichaatarreessuu, qorachuu danda'uu, rakkinicha furuufi, ibsuu dha.

Sochiilee qaamaa kan akka ga'umsa qaamaa humnumma onneefi sombaa, jabina maashaafi si'aayinaa murtoo itti gaafatamumma qabu kennuuf heddu fayyadu. Kanaaf, sochii qaamaa kan akka puush aappii, fiigicha, funyoo utaaluu, qiriiphaafi kanneen biro amaleeffachuuun barbaachisaadha.

### 2.2.1 Tapha keessatti rakkoo furuu

Rakkinafuruu jechuunrakkinichaaddabaasuudhaanrakkinichaaf immoo furmaata kanta` ubarbaadanii filachuudhaanrakkinicha furuudha. Kana jechuun rakkinoota furuuf sadarkaa keessa darbamuu qaba. Isaanis

1. Rakkinicha hubachuu
2. Filannoo furmaataa qopheessuu
3. Furmaata kan ta` u qoratanii filachuu
4. Akkaata filannoo furmaata ta` a jedhameen irratti dalaguu

Akkuma biraajochii ispoortii keessattis rakkoo furuun baay` ee barbaachisaadha. Tapha keessatti rakkoo furuuf teekinikaafi seera tapha sanaa dura beekuuun barbaachisaadha. Namootni yeroo baay` ee sochii ispoortii keessatti hirmaatan taphoota kan akka cheezii, daamaa dandeettii rakkoo hiiku keessatti itti fayyadamu.

## 2.2.2 Gadi Fageenyaan Yaaduu


Gadi fageessanii yaaduun uumamaan kan jiru ta'ee tooftaalee adda addaa fayyadamuun guddisuun nidanda'ama. Isaanis:

- Yeroo murtaa'eef shaakaluu
- Muuxannoo jiruuf jireenya keessatti horachuu,
- Mana barumsaa keessaatti daneettii gadi fageenyaan yaaduu gabifachuudha.

Gadifageenyaan yaaduun yaada sababa qabuu amananii murteessuu irratti kan hundaa`eedha. Gosa dorgommi ispoorti keessa taphni daamaafi cheezii fakkeenya sochilee gadifageenyaan yaadu nuuf gabbisaniidha. Walumaagalatti sochiin qaama kan akka fiigicha gabaa, utaalchaadda addaa, utaalcha haada/funyoo/fi kan kana fakkaatanidha.



Tapha cheezii



Tapha Daamaa

## 2.3 Taphootaafi sochiilee keessatti to` anno yaad-qalbii guddisu

**Ga`umsa barachuu barattoonni yoo xiqlaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Gochaalee yaad-qalbiin adda baafachuum irratti xiyyeffatta.
- Xspoortii keesssatti yaad-qalbiifii xiyyee fanon barbaachisaa ta`uu nidiqisiifatta.

### Gocha 2.3

1. Fayyidaan yaad qalbii gaarii qabaachu maali?
2. Hariiroo sochii ispoortiifi xiyyeffannoo ibsi.

Yaad-qalbii jechuun waanta tokko irratti xiyyeffannoo kennuun yaadaan qabani hordofuudha. Namni yeroo mara dalagaa dalaguu hunda irratti yoo hubannoo godhatee xiyyeffannoonaalage bu`a qabeessa ta`uu danda`a. Kana jechuun immoo salphaadhummatti argata odoo hinta` iin shaakala barbaachisa. Isas dagaadfachuudhaan umurii kamittuu sochiin qaamaa baay` ee barbaachisaadha. Sochiin kanneen akka deemuu, fiigu, tapha gareefi kan kana fakkaatan xiyyeffannoo guddisuuf gargaaru. Akkasumas namni yeroo mara ga`umsa qaamaa qabu xiyyeffannoonaalage ta`a. Atileetonni yeroo shaakalaas ta` e yeroo dorgommii kaayyoo irratti milkaa` uuf barbaadan yaadaan qabani xiyyeffannoonaalage hojjechuun qabu. Fakkeenyaa taphataan tokkoo yookin namni fiigicha fiigu eessaa ka` ee eessa akka ga`u beekuun irratti xiyyefatee dalaguu qaba yoo kana ta`uu baate kaayyoo isaa bira ga`uu hin danda`u. Waan kana ta` eef sochii ispoorti keessatti yaad-qalbiin heedduu fayyada. Akkasumas yeroo wal-dorgommii ispoortii gochaa gartuun faallaa hojjechuuf jedhuu

adda baafachuun yaad-qalbiin hordofuun heedduu barbaachisadha.

### 2.3.1 Dandeettii yaad-qalbii guddisuu

Yaad-qalbii guddisuu jechuun kan hojjetan tokkoof xiyyeffannoo kennuu kennuu danda'uu jechuudha. Yeroo dalagaa tokko raawwannu yaad-qalbii gaariin kan hojjennu yoo ta'e milkaa'iinaan raawwachuu nidandeenya. Waan kana ta'eef yaad-qalbii guddifachuuf kanneen nu barbaachisan jennu sochiilee adda addaa irratti hirmaachuun guddofachuun barbaachisaadha.

#### Cuunfaa Boqonnichaa

Sochiin qaamaa keessatti hirmaachuun qaama dagaasuu irra darbee dandeetti of hogganuu, murtoo itti gaafatamummaa qabu kennuu, yad-qalbiifi xiyyeffannoo guddisuu keessatti shoora olaanaa qaba. Namni sochii qaamaa keessatti yeroo baayyee hirmaatu hawaasunmmaafi currusa isaanii akka gaariitti nidagaagfatu

#### Gilgaala Boqonnichaa

##### I. Himoota asiin gadii yoo sirrii ta`e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane "Soba" jedhii deebis.

1. Barnoonni fayyaafi jabeenya qaamaa dandeettii rakkoo hiikuuf hin fayyadu.
2. Yaada uumamaan jiru irratti dandeettii gadifageenyaan yaaduu guddifachuun hindanda`amu.
3. Sochiin qaamaa dandeetti of-hogganuu guddifachuuf shoora olaanaa qaba.

##### II. Deebii sirrii ta`e filadhu.

4. Sochii qaamaa keessatti of-hogganuun maalif barbaachisa?
  - A. Mudannoo cimaa keessa ittiin darbuuf
  - B. Waan haaraa shaakaluuf
  - C. Miidhaa irraa of-to`achuuf

D. Hunduu deebidha

5. Kanneen armaan gadii keessaa isa kam keessatti rakkoo furuun hin barbaachisu?
- A. Tapha Cheezii      C. Kubbaa miila  
B. Qirphaa              D. Deebii hinqabu
6. Rakkoo hiikuu keessatti jalqaba kan ta'uu qabu
- A. Madaaluu  
B. Furtuu barbaaduu  
C. Madda rakkoo qorachuu  
D. Furtuu gaarii filachuu
7. Dandeettii haalota garaa garaa yoakaan haala rakkisaa keessatti fedhii, amalaa fi yaada ofii haala gaarii ta`een to`achuun maal agarsiisa?
- A. Dandeettii hubannoo ofii      B. Dandettii of-hogganuu  
C. Dandeettii hubannoo hawaasaa      D. Hunduu deebidha
8. Barattonni murtii itti gaafatamummaa qabu murteessudhaaf dandeettii isaan guddifachuu qaban isa kami?
- A. Dandeettii adda baasanii beekuu  
B. Dandeettii haala sanaa tarreessuu  
C. Dandeettii qorachuu  
D. Dandeettii rakkinicha furuu  
E. Hunduu deebidha

**III-Gaaffii gabaabaa**

- A. Of-hogganuu jechuun maal jechuudha?  
B. Rakkoon tokko garee kee keessatti yoo uumame attamiin furta?

# BOQONNAA SADII

## GA`UMSA QAAMAA

Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Xumura boqonnaa kana booda:

- Sochiilee ga'umsa qaamaa guddisan nihubatta
- Sochiilee ga'umsa qaamaa umuriin walgitan keessatti hirmaachuun ga'umsa qaamaa nidagaagfatta
- Sochiilee ga'umsa qaamaa gara garaa keessatti hirmaachuun amala gaarii ta'e mul'ista

### Seensa

Addunyaa kana irratti dorgomaa ta'uuf ga'umsi qaamaa barbaachisaadha. Haala jirenya keenyaa keessatti hojii hojjennuuf ga`umsi qaamaa bakka olaanaa qaba. Ga'umsi qaamaa ispoortii keessatti dorgomaa cimaa ta'uufi fayyummaa keenyaadhugoomsuuf bu'aa olaanaa buusa. Namni tokko dandeetti ga'umsa qaamaa dagaagfate kan jedhamu yoo dalagaa dameewwan ga'umsa qaamaan gahaa ta'ee argameedha. Mallatoon ga'umsa qaamaa sochii adda addaa akka barbaadametti shaakaluu yookaan hojjechuun danda'uudha. Sochii ga'umsa qaamaa hojjechuuf wantootni nuti ilaaluu qabnu sochii hojjetamu, umurii, koorniyaafi dandeetti irratti hundaa'a. Sochii hojjennu immoo yeroon yeroon madaaluun bu'aa isaanii beekuun barbaachisaadha.

Ga'umsa qaamaa jechuun dalagaa sochii irreeewan qaamaa keenyaa gaafatan haala quubsaafi ga'umsa qabuun dandeettiin raawwachuuudha. Ga'umsi qaamaa bakka gurguddaa lamatti hirama. Isaanis:

1. Ga'umsa qaamaa fayyummaa waliin wal-qabataniifi
2. Ga'umsa qaamaa dandeetti waliin walqabataniidha.

## **Ga'umsa qaamaa fayyummaa waliin wal-qabatanii**

Namni ga`umsa qaamaa ga`aa qabaate jiruufi jirenya isaa haala gaaridhaan geggeessuuf fayyaa qabaachuun murteessadha. Kana immoo dagaagfachuuf kan nugargaaru sochiwwan ga`umsa qaamaa fayyummaan wal-qabatan keessatti haala idilaawwaa ta`een hirmaachudhaan. Dameewwan ga'umsa qaamaa fayyummaan walqabatan jalatti kan argaman jabina maashaa, humnummaa onneefi sombaa, humnummaa maashaa, daddacha'inafi qabiyyee qaamaadha.

## **Ga'umsa qaamaa dandeetti waliin wal-qabatanii**

Sochii ispoortii adda addaa keessatti haala qubsaa ta`een bu`a qabeessa ta`uun kan danda`amu ga`umsa qaamaa dandeettiin wal-qabate keessatti akkaataa barbaachisummaa isaatti yoo keessatti hirmaanneedha. Kanneen dameewwan ga'umsa qaamaa dandeettii waliin wal-qabatan jalatti kan ramadaman ariitii, si'aayina, angoo, qindoomina qaamaa, madaallifi deebii atattamaa jedhamu.

### **3.1 Sochilee Humnummaa Onneefi Sombaa**

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqlaate gonfachuu qaban**  
Xumura barannoo kana booda:

- Hiika humnummaa onneefi sombaa ni ibsita.
- Sochii humnummaa onneefi sombaa dagaagsan shaakaluun ni agarsiista.

### **Gocha 3.1**

1. Humnummaa onneefi sombaa jechuun maal jechudha?
2. Shaakala ga'umsa qaamaa humnummaa onneefi sombaa dagaagsan maal fa` i?

Humnummaa onneefi sombaa jechuun dandeetti onneefi sombi keenyaa dadhabpii malee yeroo dheeraaf hojii isaanii hojjechuu jechuudha. Sochiileen qaamaa humnummaa onneefi sombaa gabbisan haada yookin funyoo utaaluu, bishaan daakaa, shubbisa, biskeleettii oofuu, ariitiin tarkaanfanchuu,sussukuu, fiigicha dheeradha.

### **Shaakala humnummaa onneefi sombaa dagaagsan**


Shaakala tarkaanfii ariitiin fageenya dheeraa hojjechuun humnummaa onneefi sombaa dagaagfaachuun nidandaa'ama.Shaakala kana yerooshaakallu ariitiin tarkanfii keenya dheeressuun shaakalu qabna. Shaakala osoo addaan hinkutiin shaakaluun guyyaadhaa gara guyyaatti yeroofi ariitii itti dabaluudhaan dandeettii humnummaa onneefi sombaa keenya dagaagfachuu nidandeenya.Sochiilee shaakala humnummaa onneefi sombaa dagaagsan keessaa tarkaanfii ariitii, utaalcha haada, yaabanii bu` uu, gara cinaatti utaaluu lafa xuquufi fiigichaan ga` umsa humnummaa onneefi sombaa keenya foyyeffachuunidandeenya. Isaan keessa kutaa kanatti yaabanii bu'uufi utaalani xuquu kan ilaalamu ta'a.

#### **A. Yaabanii bu'uu**

##### **Akkaataa shaakalaa**

- Qaama ho'ifachuu
- Miila ittiin eegaltu yaabbannoorra kaa'uu
- Sirrii gatiittiin miila banuun fuuladura yaabbannoo dhaabachuu
- Miila mirgaa olkaasuun gara yaabbannootti harka bitaa olkaasuun
- Miila mirgaa buusuun miila bitaan yaabbachuu
- Dabaree dabareen miilaan yaabbannoo irra yaabuun bu'uu
- Miila mirgaa dursuun yeroo 15 yoo ojjette booda miila bitaan yeroo 15 hojjechuu

1- Harki fi miilii walii faallaa hojjechiisu



Yaabanii bu'uu

## B. Utaalcha haada/funyoo/

### Akkaataa shaakalaa.

- Haada/funyoo/akkaataa dheerina keessaniin qopheeffachuu.
- Uffata mijataa ta'eefi kophee mijataa kaawwachuu
- Bakka mijataa ta'ee filachuu
- Haada/ funyoo/ gara duubaatti deebisuu
- Ciqilee qaama irra osoo hinfageessin harka lamaanuu osoo hindheeressin haada/ funyoo fuula duratti naannessuun utaaluu jalqabuu.
- Bakkuma dhaabannetti asiif achi osoo hindeemin haada/ funyoo utaaluu shaakaluu
- Irraa jalaan hanga hojenne lakkawachaa deemuu
- Yeroo dadhabbiin nutti dhaga` amu aara galfachuu.
- Xumura irratti haada/funyoo/ lafa kaa'uun sochii harkifamaan qaama qabbaneessuun xumuruu.



Haada/Funyoo/ utaaluu

### 3.2 Humnummaa Maashaalee

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Hiika humnummaa maashaa nihimta
- Sochiilee humnummaa maashaalee dagaagsan hojjetee ni agarsiista

#### Gocha 3.2

1. Humnummaa maashaa jechuun maal jechuudha?
2. Sochiilee humnummaa maashaalee dagaagsan himi.


Humnummaa maashaa jechuun danddeetti maashaan keenya hojii tokko dadhabbi malee yeroo dheeraaf hojjechuu danda'uudha. Shaakalli hunnummaa maashaaleejabeessan puush aappii, dhiibuu, harkisuu, ofirra quphananii ka'uufi kan kana fakkataaniidha.

### a. Puushaappii


Puush aappiin humnummaa maashaalee harkaa cimsuun beekamuudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama daqiiqa 5-10tti ho'ifachuu
- Harkifama maashaa keessattu kan mudhii olii irra caalaa hojjechiisuu
- Bakka walqixxeef harkaan lafa qabachuuf mijatu filachuu
- Harka lamaan hanga gatiittii keenyaa walirra fageessuun barruu harkaan lafa qabachuu. Yeroo barruu harkaan lafa qabannu qubi harkaa gara fuulduratti agarsiisuu qaba
- Quba miilaan lafa tuquu
- Ciqileetti dachaasuun gadi bu'anii deebi'uun hanga dalagame lakkaa'uun
- Boqonnaa fudhachuun irra deddeebi'anii shaakaluu
- Harkifama hojjechuun keessattu maashaa dhiibbaa kana irra caalaahirmaateen harkifama hojjechuun qaama qabbaneessuun xumuruu.



Pushappii barru harkaan



Puush aappii Jilbiibbi

### b. Bitaa mirgatti utaaluu

#### Akkaataa shaakalaa

- Lafa wal- qixxee isaa irratti miila keenya qixa gatiittii keenyaan banuun dhaabbachuu.
- Bitaattiis mirgaattis utaaludhaaf lafi jiraachuu isaa mirkaneeefachuu.
- Miila xiqqoo jilbatti cabsuu.
- Miila lamaaniinuu gara mirgaatti utaaluu, isaan booda gara bitaatti utaaluu.
- Isuma kana irra deddeebin hojjechuu.
- Xumura irratti qaama qabbaneessuun xumuruu.



Gara cinaatti utaalun lafa tuquun deebi'uu

#### 3.3 Dadacha'iinsa

Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kana booda:

- Hiika dadacha'ina qaamaa nihimta
- Faayidaa dadacha'inaa nitarreessita
- Sochiilee dadacha'iina gabbisan hojjettee ni agarsiista



### Gocha 3.3


1. Dadacha'ina jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaa dadacha'inaa ibsi.
3. Sochiilee dadacha'iina gabbisan himi.

Dadacha'ina jechuun dandeettii buusaa qaama keenyaa kallattii adda addaatti dachaasuu, diriirsuufi naanneessuu danda'uu jechudha. Dadachaa'uun bakka buusaawwan jilbaa, ceequu, ciqilee, morma, gulubiifi mudhiitti hojjetama. Dadacha'uun quphananii ka'uu, fuulduratti osoo jilba hin dachaasiin lafa xuqanii deebi'uu akka fakkeenyatti kaasuun nidandeenya. Dadacha'inni miidhawwan akka dhukuba dugdaafi rakkoo madaallii qaamaa nurraa ittisuuf nufayyada.

### Akkaataa shaakala

- Uffataaf qophee mijata ta'e uffachuu
- Qaama daqiqaa 10-15 ho'ifachuu
- Sochii harkifama qaamaa hojjechuu
- Shaakala dadacha'inaa filachuun hojjechuu
- Xumura irratti qaama qabbaneessuun xumuruu.





Dadacha'iinsa

### 3.4 Si'aayina

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:

- Hiika si'aayina qaamaa nihimta
- Shaakala si'aayinaa gabaabinaan hojjettee ni agarsiista

#### Gocha 3.4


1. Si'aayina jechuun maal jechuudha?
2. Shaakalli si'aayinaaf hojjetaman maal fa` i?

Si'aayina jechuun dandeettii madaallii qaamaa to'achaa ariitiin kallatti jijijiiraa figuudha. Si'aayinni yeroo walari'uu taphannu hiriyaal jalaa mimmilquu, rakkoo numudatu jalaa milquufi kana kana fakkatan fa` iif nu fayyada. Ispoortii keessatti immoo kubbaa fudhannee gartuu faallaa lamaaf isaa ol ta'an gowwoomsinee yookaan miliqsinee bira darbuuf kan nu fayyaduudha. Shaakalli si'aayina gabbisan ari'anii wal-qabuu, sarara jajallaairrafiguu, ariitiin waaxuqaniideebi'uufi kankanafakkaataniidha.



## a. Kooni gidduu fiiguu Akkaataa shaakalaa

- Qaama daqiiqaa 5-10tti ho'ifachuu
- Koonii afurii hanga ja'a ta'e qopheeffachuu
- Koonii meetira 1-1.5 walirra fageessuu
- Bakka ka'umsaa meetira 5 mallattoo kaa'uu
- Bakka ka'umsa duuba barattoonni akka hiriiran taasisuu
- Barataa dura hiriiree jiruuf mallattoon yemmuu kennamu ariitiin figee kooni gidduu sarara jajallaan irra fiiguu.
- Xumura irratti qaama qabbaneessuun xumuruu




Kooni gidduu fiiguu

## b. Fiigicha sarara jajallaa Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuu
- Sarara jajallaa meetira 1.5 walirra fagaatu hojjeechuu
- Srara kana keessaa osoo hinbahin fiiguu
- Sarara jalqabaatti hanga xumuraattii fiiguun bakkatti sarara alaan suuta sussukaa deebi'u

- Shaakala kana irra deddeebi'uun shaakaluu
- Xumura irratti qaama qabbaneessuun xumuruu



Fiigicha sarara jajallaa

### Cuunfaa Boqonnichaa

Ga'umsa qaamaa jechuun dalagaa sochii irreeawan qaamaa keenyaa gaafatan haala quubsaafi ga'umsa qabuun dandeettiin raawwachuudha.

Ga'umsi qaamaa faayidaa fayyummaa sammuu, qaamaa, hawasummaafi, currisaatiif nifayyada. Ga'umsi qaamaa bakka gurguddaa lamatti qoddama. Isaanis ga'umsa qaamaa fayyummaan wal-qabateef ga'umsa qaamaa dandeettiin wal-qabateedha.

### Gilgaala Boqonnichaa

#### I. Kanneen asiin gadii yoo sirri ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane "Soba" jechuun deebisi

1. Ga'umsi qaamaa fayyaaf hinfayyadu.
2. Ga'umsi qaamaa fayyummaa currisaatiif nifayyida.
3. Sussukuu humnummaa onneefi sombaa hindabala.
4. Wal-ariinee wal qabachuun si'aayina dabala.



## II. Deebii sirri ta'e filadhu

5. Sochiin maashaa harkaaf fayyadu kami?

- A. Puush appii
- B.Dhiibuu
- C.Ol-harkifamuu
- D. hunduu deebidha.

6. Shaakalli bakka buusa qaamaa irratti xiyyeefatu kami?

- A. Ariitii
- B. Dadacha'ina
- C.Humnummaa
- D.Jabeenya

7. Shaakalli ariitii gabbisuuf fayyadu isa kami?

- A. Dhiibuu
- B. puush aappii
- C. Fiigicha
- D.Dadacha'iinsa

8. Danddeettii maashaan keenya hojii tokko dadhabbi malee yeroo  
dheeraaf dalagu\_\_\_\_\_ jedhama

- A. Humnummaa Maashaa
- B. Hmnummaa onneefi sombaa
- C. Jabeenya Maashaa
- D. Dadacha` iinsa

## III. Deebi gabaabaa itti kenni

10. Ga'umusi qaamaa bakka gurguddoo\_\_\_\_\_ qoodama.

11. Si'aayina jechuun maal jechuudha?

# BOQONNAA AFUR

## ATILEETIKSII

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa**

**Xumura boqonnaa kana booda:**

- Yeroo utaalcha dalgee haala qindoomina mudhii gadiifi mudhii olii niagarsiista.
- Fageenya murta`aa saffisa ol aanaadhan fiigdee nixumurta.
- Gufachiisa gidduu bifa qindoomna qabuun fiiguu ni guddifatta
- Dandeettii fiigicha fageenyi isaa murtaa`e yeroo kenname keessatti fiiganii xumuruu nidagaagfatta
- Dandeettii saffisa isaanii to`achuu nibarta.
- Hojii garee keessatti hirmaachuu ni amaleefatta.
- Garee keessatti walitti dhufeenya cimaa gochuu nibaratta
- Hojii garee keessatti rakkinoota furuu ni shaakalta.

## Seensa

Sochiin atileetiksiis kan eegalame biyyuma Giriikii keessatti akka ta`e seenaan ni ibsa. Namni sochii atileetiksii keessatti hirmaatu immoo atileetii jedhama. Atileetiksii jechuun gosa waldorgommii ispoortii ta`ee gochaa sararaafi gocha dirree jedhamee bakka lamatti goodama. Gochaan sararaa fiigicha yommuu ta`ugochaan dirree immoo darbannaafi utaalcha of keessatti qabata.

Boqonnaa kana keessatti kan baraatman fiigicha saffisaaf fiiguu, fageenyaaf fiiguu, darbanna, fageenyaafdarbachuu, utaalcha fageenyaaf utaaluuta'a.

#### 4.1 Fageenyaaf Utaaluu

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqlaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Utaalchi maal akka ta'e nihimta.
- Tartiibota utaalacha fageenyaa nitarreessita
- Shaakala utaalcha fageenyaa hojjettee ni agarsiista

#### Gocha 4.1

1. Utaalcha jechuun maal jechuudha?
2. Gosa utaalchaa meeqatu jira? Isaanis maal fa'i?
3. Tartiiba utaalcha lafarraa ibsi.


Utaalchi sochii atileetiksii keessaa isa tokkodha. Utaalchi gosoota adda addaa haa qabaatuyyuu malee kutaa kanatti kan ilaallu utaalcha lafa irraadha.

#### Utaalcha lafarraa

Utaalchi lafarraa miilaan ol utaalamee qilleensarrraa osoo jiranii qaama gara fuunduraa firguggisuun dheerina lafa irraa argachuuf balali'anii lafa qubachudha. Kan utaalamu dirree baldhinni 2.75m-3mfi dheerinni 9m-10m ta'e keessatti. Dirreen utaalchaa wantoota nama hinmineefi lallaafaa ta'een guutamuu qaba. Iddoon ka'umsaa dirree qubannaa irraa 1m fagaatee argama.

## Utaalchi lafarraa sadarkaa afuriin raawwatama

1. **Tirtiruu:** Fageenya murta` ee fiiguu
2. **Lafaa ol ka` uu:** miila tokkoon mallattoo bakka ka` umsaa xuquudhaan ka` uu.
3. **Balali` uu:** lafaa ol ka` anii qilleensa keessa gara fuula duraatti deemuun ofdarbachuu.
4. **Qubachuu:** Madaallii gara fuula duraatti taasisuun harki lamaan gara fuula duraatti diriirsuun miilaan qubachuu



Tartiiba utaalacha lafarraa

### 4.2 Fageenyaaf Darbachuu

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Darbanna beddee jechuun maal akka ta`e ni ibsita.
- Tartiiba darbanna nitarreessita



## Gocha 4.2

1. Darbanna beddee jechuun maal jechuudha?
2. Tartiiba ofirra naanna'uun darbachuu tarreessi agarsiisi.

Darbannaan sochii atileetiksii keessaa isa tokkodha. Darbannaan waanta harkaan qabanii jiran tokko seera gosa darbanna sanaa irratti hundaa` uudhaan gadi dhiisuudha. Darbannaan gosa adda addaatti qoodama. Isaanis darbanna beddee, waqaraa, eeboofi burrusa jedhamuun beekamu. Tokkon tokkoo meeshaa darbanna kanaa hangaafi ulfaatina mataa isaanii qabu. Akkasumas dirreefi tooftaan ittiin darbatamu adda addummaa qabu.

### **Darbanna Beddee**

Beddeen boca geengoofi battee kan ta` eedha. Ulfaatinnii isaa akkuma gosa darbanna biroo garaa garummaa qaba.

### **Akkaataa qabanna beddee**


- Harka ittiin darbataniin fiixee beddee qabuu
- Quba gargar diddiriirsuun fiixee qubaatin beddee qabachuu
- Qubni beddee jabeessee beddee akka hinqabanne gochuu
- Yeroo mara beddee buusaa qubaa isaa duraa irra akka boqotu gochuu



Qabannaa beddee agarsiisu

### Akkaataa darbannaan beddee

- Ballina gateettiin miila bargaanfachuun dhaabachuu.
- Ulfaatinni qaamaa walakkaa dhaabbirra taasisuun harka oliif gadi raasuu.
- Miila ulfaatinni qaamaa irra jirurra digirii 360 naanna'u.
- Battaluma miila madaalli irra jiruun lafa dhiibuun ulfaatin a gara miila biraatti naannessuu.
- Madaallii mudhii eeguun darbachuu.
- Xumura irratti miila jijiiruun dirree keessaa dhaabbachuu



Toftaa ofirra naanna'uun beddee darbachuu

### 4.3 Ariitiif Fiiguu

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Hiikka fiigicha ariitii nibarta
- Tartiiba ka'umsa/ajaja/ fiigicha ariitii nihimta

### Gocha 4.3

1. Fiigicha ariitii jechuun maal jechuudha?
2. Ajaja fiigicha ariitii tarreessi.

Fiigichi ariitii jechuun fageenya murta'e ariitii guutuufi humna qabanitti fayyadamuun kan raawwatamuudha. Fiigichi ariitii fageenya 100m, 200m, 400m kan dheeratuudha.

Ka'umsi fiigichi ariitii jilbiibpii jedhamee yemmuu waamamu ajajoota sadii qaba. Isaanis: bakkatti, qophaa`i fi deemiidha.

## 1. Bakkatti

Ajajnikun akka fiigdoonni bakka qabatanii sarara ka`umsaa osoo hindarbin dhaabbataniifi qaama isaanii akka qopheesaniif ajaja kennamuudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Miila mirgaa sarara duubaan kaa`uu
- Miila bitaa miila mirgaa duubaan kaa`uu
- koronyoo miila duraafi jilba miila boodaa gidduu fageenya aboottee tokko kaa`uu
- Quba miila bitaa xiqqoo dabsuu
- Harka qixa gateettiin gochuun quba abbuudduufi agarsiiftuu gidduu boca "V"n lafa qabachuu.
- Qubni harkaa sarara ka`umsaa boodaan ta`uu qaba

### Qophaa`i

Ajajni kun kan kennamu sarara ka`umsaa osoo hintuqiin miila tokkoon jilbeenfatani koomee irraa oljedhanii ulfaatinni qaamaa harka lamaan irratti taasisuudhaan kan dalagamuudha.


### Akkaataa shaakalaa

- Teessumaan koomee irraa ol ka`uu
- Mudhiin ol-ka`ee naannoo gateettiin ol ta`uu qaba

- Harka lamaan lafa qabachuun sirrii ciqilee taasisuu
- Ulfaatina qaamaa gara harkaatti jijjiiruu
- Miili boodaa jilbatti digirii 120 cabuu qaba

## 2. Deemi

Ajajni kun immoo qophii ulfaatina harkaa irra jiru sana dafanii garatarkaanifii jalqabaatti dabarsuudha.



a. Bakkatti

b. Qophaa'i

c. Deemii

Ajaja fiigicha ariitii bakkatti, qophaa` ifi deemi agarsiisu.

## 4.4 Fageenyaaaf Fiiguu ( fiigicha giddu galeessaa)

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Fageenyaaaf fiigicha giddu-galeessaa meeqa akka ta`e nihubatta
- Ka`umsi fiigicha giddu-galeessaa akkamittiin akka eegalu nibaratta
- Ajaja fiigicha giddu galeessaa nihimta

### Gocha 4.4

1. Fiigicha giddu galeessaa jechuun maal jechuudha?
2. Ajaji fiigicha giddu galeessaa maal fa` i?.

Fiigicha giddu galeessaa jechuun fiigicha dheerina meetira 800-1500

gidduutti argamudha. Fiigicha kana figuudhaaf caalaatti dandeettii ariitiifi humnummaa dagaagfachuun barbaachisadha. Fiigichi fageenyaa dhaabbii irraa kan eegalamuudha. Fiigichi fageenyaa ajajoota lama qaba. Isaanis

1. Bakkatti
2. Deemi kan jedhu ofkeessaa qaba.

## 1. Bakkatti

### Akkaataa shaakalaa

- Miila lamaanuu hanga gatiittii wal irraa fageessun dhaabbachuu.
- Miila tokko dura gochuun sarara osoo hinxuqin dhaabbachuu
- Miila biraa fageenya faana tokko boodan kaa` uu, qubaan lafa xuquun koomee xiqqoo olkaasuu.
- Mudhiifi jilbatti xiqqoo dabsuun ammaa meetira tokkoo fagaatu gara lafaa ilaaluu.
- Miila bitaa kan durfamu yoo ta` e harka mirgaa faana taasisuu miila mirgaan kan dursu yoo ta` e immoo harkaa bitaa faana taasisuu.




Ajaja Bakkatti



## 2. Deemi

### Akkaataa shaakalaa

- Muudhiitti suuta oljechuu
- Harkaafi miila fuula duratti darbachuu
- Haaluma kaan figicha fuula duratti itti fufuu



Ajaja deemii

## Cuunfaa bogonnichaa

Atileetiksiin jecha Giriki "atilyaas" jedhamu irraa kan fudhatame ta`ee hiikan isaa wal-dorgommii jechudha. Atileetiksii jechuun gosa waldorgommii ispoortii ta`ee gochaa sararaafi goocha dirree jedhamee bakka lamatti qoodama. Gochi sararaa fiigicha yemmuu ta`u gochaan dirree immoo darbachufi utaalcha of keessaatti qabata. Utaalchi lafa irraa tartiiba sadii kan qabu yemmuu ta'u isaanis tirtiruu, lafaa ol ka'uu, balali'uufi qubachudha. Ajaji fiigicha gabaabaa "Bakkatti", "Qophaa'i", "Deemi" yemmuu ta'u kan fiigicha giddu galeessaafi dheeraa "Bakkatti"fi "deemi" jedhama.

## Gilgaala Boqonnichaa

### I. Kanneen asiin gadiif yoo sirri ta'e "Dhugaa" yoo sirri hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi

1. Fageenyaaf utaaluu keessatti tartiiba jalqabaa kan ta'e tirtiiruudha.
2. Beddeen ofirra naanna'uun darbatama.

### II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Utaalcha lafarraa keessatti lafaa ol ka` anii qaamni atileetii qilleensa keessa erga ka` ee booda \_\_\_\_\_ jedhama.
  - A. Lafaa ol ka` uu
  - B. Balali` uu
  - C. Tirtiruu
  - D. Qubachuu
2. Ajajii fiigicha giddu galeessaa meeqa?
  - A. 3
  - B. 4
  - C. 2
  - D. 5

3. Fiigichi giddu galeessaa fageenya dheerina meetira \_\_\_\_\_ gidduutti kan argamuudha.

A. 800m -1500m      B. 1500m-3000m

C. 3000m-42.95 km      D. 100m-400m

6. Beddeen boca akkamii qaba?

A. Battee      B. Molooloo      C. Qara      D. Qajeelaa

7. Dheerinni dirree utaalcha lafarraa meeqa

A. 2.75m      B. 9m-10m      C. 18m      D. 5.75m

8. Fageenyi fiigicha (ariitii) gabaaba meeqa?

A. 1500m-3000m      B. 800m-1500m

C. 100m-400m      D. 10,000m

### III. Deebi gabaabaa kenni

9. Atleetiksiin bakka meeqatti goodama? Isaanoo maalfa'i?

10. Tartiiba utalcha lafarraa barreessi.

# BOQONNAA SHAN

## QIRIIPHAA

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa**

**Xumura boqonnaa kana booda:**

- Qiriiphaa bu'uuraa garaa garaa nihojjetta.
- Qiriiphaa meeshaalee garagaraa nidalagda.
- Faayidaa qiriiphaan argamsiisu ni ajaa'ibsiiifatta.

## Seensa

Qiriiphaan gosa ispoortii keessaa tokko yommuu ta'u sochiilee ga'umsa qaamaa madaallii, jabeenya, dadacha'ina, qindoomina, si'aayina, humnummaafi kan kana fakkaatan gaafata. Boqonna kana jalatti gosaalee qiriiphaa harkaan dhaabbachuu, ulee qiriiphaa dalgee irratti ol- harkifamuuf bocaafi moodela adda addaan hojjechuufi qiriiphaa tartiibawaa kan barattan ta'a.

### 5.1 Gosaalee Qiriiphaa Bu`uura

**Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqqaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Gosaalee qiriiphaa bu`uuraa adda addaa nihimta.
- Shaakala qiriiphaa bu'uuraa hojjettee ni agarsiista.

**Gocha 5.1**

1. Qiriiphaa bu` uuraa jechuun maal jechuudha?
2. Shaakala qiriiphaa bu` uuraa himi.


Qiriiphaan bakka gurguddaa lamatti goodama. Isaanis: qiriiphaa mee-shaafi qiriiphaa bu'uraa jedhamuun beekamu.

**A. Qiriiphaa bu'uraa**

Qiriiphaa bu'uraa jechuun sochiiwan qiriiphaa lafa irratti meeshaa malee hojjetaman jechuudha. Sochiin kun sochii qiriiphaa walabaa jedhamees nibeekama. Gosa qiriiphaa bu'uraa ciisuunfi dadacha'uun lafa irratti yookiin afata irratti kan hojjetamudha. Sochiilee qiriiphaa bu'uraa kana gaggalagaluun, raafamuun, micciiramuun, naanna'uun, bargaanfachuun, harkaan dhaabbachuu, miila tokkoon naanna'uun kan hojjetamudha. Dabalataan, qiriiphaa bu'uraa fuulduratti galagaluu, duubatti galagaluu, addaan dhaabbachuu, harkaan dhaabbachuu, cinaatti galagaluufi kan kana fakkaatan ta'a.

**5.1.1 Addaan dhaabbachuu****Akkataa shaakalaa**

- Qaama sirriitti ho'ifachuu
- Harka sirrii gatiittitti lafa qabachuu
- Addaan harka lamaan waliin rog-sadee uumuun lafa xuquu
- Suuta miila oldhaabuu yaaluu
- Yeroo muraasaaf miila qajeelchanii dhaabuun suuta miila tokko dachaasuun gadi deebisuu
- Erra deddeebi'uun yaaluu
- Qaama qabbaneeffachuu xumuruu



Addaan dhaabbachuu

### 5.1.2 Gara fuula duraafi duubaatti gaggaragaluu Akkaataa shaakalaa


- Qaama sirriitti ho'ifachuu
- Sirrii gatiittiin miila walirraa butuu
- Barruu harkaan quba fuuldura agarsiisuun lafa qabachuu
- Battala lafa qabataniin luka lamaan gidduun duuba ilaaluu
- Jilba cabsuun gar fuula duraatti ofdarbachuu
- Yeroo garagallu gatiittiin keenya lafa tuquu hinqabu
- Qaama qabaneeffachuun xumuruu



Fuulduratti Gaggaragaluu

### Duubatti gaggaragaluu

- Qaam sirriitti ho'ifachuu
- Quphanuu- Barruu harkaa lamaanuu gara oliitti galagashuu sirrii gurraatti qabachuu
- Gara duubaatti of darbachuun duudi osoo gatiittiin lafa hinxuqiin barruu harkaan lafa dhiibani garagaluu
- Qaama qabbaneeffachuun xumuruu




Duubatti garagaluu

#### 5.1.3 Harkaan gara cinaatti gaggaragaluu

##### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti o'isuu
- Harka lamaan sirriitti mataan olitti diriirsuu
- Fuulduratti fiiguun gara cinaatti harka lamaan lafa qabachuun gaggaragaluu
- Qaama qabbaneeffachuun xumuruu



Gara cinaatti galagaluu

### i. Qiriiphaa Tartiibawaa

Qiriiphaa tartiibawaa jechuun ispoortii keessatti atileetonnii dorgommii walitti fufaa dorgomuuf kan shaakalaniidha. Qiriiphaan tartiibawaa gosa qiriiphaa adda addaa ofkeessaa kan qabudha. Isaan keessaa akka fakkeenyatti qiriiphaa kubbaan hojjetamu, qiriiphaa geengoon hojjetamuufi kan kana fakkaatanidha. Qiriiphaan tartiibawaa bashannanaa, dorgommii, waakalaquu, ofitti amanamummaa, gammaduufi miira ofii to'achuuf kan fayyadudha.


### Qiriiphaa Kubbaan dalagamu

Kubbaan qiriiphaa iittiin shaakalmu wantoota lallaafuu akka pilaastikii yookaan gogaarraa kan hojetamudha. Kanaafuu, shaakalaaf waanta naannoo keessanitti argameen hojjechuun fayyadamuun nidanda'ama.



## Akkaataa shaakala

- Qaama sirriitti ho'ifachuu
- Kubbaa ol darbatanii qabuu
- Kubbaa ol darbatamtee gadi deebite barru harkaa diriirsun akka kubbaan barruu harkaarra naannoftu gochuu
- Kubbaa ol darbatamtee gadi deebite barruu hakaa irraa gara gateettiitti akka konkolaattu taasisuu
- Kubbaa ol darbatamtee gadi deebite barruu harkaarraa gara gateettiitti konkolaattee qomarra darbuun harka biraarratti dabarsuu
- Haaluma kanaan irra deddeebi'anii shaakaluu
- Qaama qabaneeffachuuun xumuruu



Qiriiphaa kubbaanii

## Qiriiphaa Geengoona hojjetamu

Qiriiphaan geengoona mormaafi mudhiirra naannessuunkan hojjetamudha. Atileetiin shaakala geengoona taasisu kun raafamuufi

qaama kallattii adda addaatti naannessuun kan hojjetan ta'a. Sochiilee qiriiphaa geengoo qileensarra darbatanii qabuun agarsiisa adda addaa hojjechuun nidanda'ama. Geengoon qiriiphaa kan irraa hojjetamu: muka, laastikii yookaan wanta halluu addaa qabu kamirraayyuu hojjechuun nidanda'ama.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuu,
- Geengoo mudhiitti qabachuu,
- Mudhii naanneessuun akka geengoon lafa hinbuune taasisuu,
- Haaluma kanaan, irra deddebiin shaakaluu.
- Qaama qabbaneessuun xumuruu



Qiriiphaa geengoon hojjetamu

## 5.2. Gosaalee Qiriiphaa meeshaa

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Qiriiphaa meeshaalee sasalphaa nishaakalu
- Haala qabanna ulee qiriiphaa dalgee sirritti ibsu

### Gocha 5.2

1. Qiriiphaa meeshaa jechuun maal jechuudha?
2. Sochiilee qiriiphaa meeshaa ta` an tarreessi.
3. Haala qabanna ulee dalgee ibsi.

Qiriiphaan meeshaa gosa qiriiphaa keessaa isa tokko ta'ee deeggarsa meeshaatiin kan hojjetamudha. Qiriiphaa meeshaa kan ta'an saanduqa, ulee baal-lamee, ulee baal-tokkee, minjaala madaallii, wadarootti fayyadamuudhaan kan hojjetamudha. Ulee baal-tokkee irratti ol-harkifamuun sochiin jabina gateettii, irree harkaifi maashaa dugdaaf kan fayyadudha. Sochiin kun cimina irree harkaa waan gaafatuuf hanga itti amaleeffannutti xiqqoo nama rakkisuu danda'a. Haaluma kamiinuu, ol-harkifamuu yoo hojjette salphaadha jechuun hindandaa'amu. Shaakala kana keessatti ho'ifanna qaamaa irree harkaa, gateettifi, maashaa dugdaaf fayyadan irraa caalaa shakaluun of qopheessun barbaachisaadha. Sochii ulee qiriiphaa dalgee irratti olharkifamuu kana gabbifachuuf sochilee kan akka push aappiifi sochii maashaa dugdaa kan gabbisan shaakaluun jijiirama salphaatti fiduuf kan fayyadudha.

### 5.2.1 Haala qabannaa ulee qiriiphaa dalgee Haalli qabannaa ulee dalgee garaa garaatu jiru. Isaanis

- A. **Dhiphisanii qabachuu:** barruu lamanuun ulee dalgee walitti butanii qabachuu
- B. **Giddu galeessa:** Barruun harkaa lamaanuu qixa ballina gatiittiit in ta` uu qaba
- C. **Ballisanii qabachuu:** barruun harkaa inni ulee dalgee qabu gatiitti irraa kan ballatu, gara qarqara ulee dalgee qabuu



Haala qabannaa ulee qiriiphaa dalgee

### 5.2.2 Ulee dalgee irratti ol-harkifamuu

#### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachu,
- Ulee dalgee ol-utaaluun harka lamaan qabachuun itti rarra'u,
- Harka hanga gateettii walirraa fageessuu,
- Hangaa qabachuu dadhabdutti qabadhuun turuu,
- Erga qabachuu gabbifne booda ol-harkifamuun iddootti deebi'u,
- Haaluma kanaan irra deddeebi'anii hojjechuu.
- Qaama qabbaneessuun xumuruu



### 5.2.3 Ulee dalgee qeenxee irra garagaluu



### 5.3 Faayidaa sochii qiriiphaa

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Faayidaa qiriiphaan argamsiisu nidinqisiifatta.
- Ofitti amanamummaa nigabbifatta
- Hirmaanna qiriiphaa keessatti qabaachuu niguddifatta
- Qiriiphaan madda galii ta'uu isaa nihimta

#### Gocha 5.3

1. Faayidaa sochii qiriiphaa keessatti hirmaachuun qabu tarrreessi.

Qiriiphaan dagaagina ga'umsa qaamaaf kan fayyadu keessaa isa tokkodha. Faayidaaleen qiriiphaa kunis dadacha'ina, qindoominaafi jabina maashaa dha. Namni shaakala qiriiphaa amaleeffate naamusa gaarii, ofitti amantummaa, ofto'achuu nigabbifata. Qiriiphaan fayyaa namaafillee waa guddaa buusa, furdina garmalee hir'isuun, dhibee dhiibbaa dhiigaa, dhukkuba shukkaaraafi dhukkuba oonneerraa akka bilisa taanee jiraannuuf nufayyada. Qiriiphaan dalaga guyya keessatti osoo hindadhabin yeroo dheeraaf akka hojjennuuf nufayyada. Hirmaattotaaf akka madda galii gudda ta'uun nifayyada.

### Cuunfa boqonnichaa

Gosni qiriiphaa bakka lamatti qoodama. Isaanis qiriiphaa bu'urafi qiriiphaa meeshaa jedhamanii beekamu. Qiriiphaan meeshaa; meesahaankan deggeramee hojjetamu yemmuu ta'u qiriiphaan bu'urammo lafa yookaan afata irratti kan hojjetamudha. Qiriiphaan tartiibawaan qiriphawaan adda addaa kan of-keessatti qabatu ta'e, qiriiphaa geengoon hojjetaman, qiriiphaa kubbaan hojjetamaniifi kenneen meeshaa biroon hojjetaman ofkeessatti hammata. Qiriiphaa hojjechuuf: sochiilee akka ariitii, dadacha'ina, jabina, qindoomba qaamaafi si'aayina gabbifachuun barbaachisaadha.

### Gilgaala Boqonnichaa

#### I. Gaaffilee asiin gadii sirrii yoo ta'e "Dhugaa" dogoggora yoo ta'e "Soba" jechuun deebisi

1. Qiriiphaa hojjechuuf dandeetti dadacha'ina gabbifachuun barbaachisadha.
2. Qiriiphaan qindoomba qaamaa nigabbisa.
3. Qiriiphaan lafarratti hojjetamu qiriiphaa meeshaa jedhama.

## II. Gaaffilee asiin gadii dubbisuun deebii sirrii ta'efiladhu

4. Tartiiba harkaan dhaabbachuuf taasifamuu qaban keessatti jalqaba dhufuu kan qabu
  - A. Qaama sirriitti ho'ifachuu
  - B. Bakka harkaan qabachuuf mijataa ta'e filachuu
  - C. Gargaaraa/tuu argachuu
  - D. Dhaabachuu
5. Kanneen asiin gadii keessa sochii qiriiphaa tartiibawaaf kan ta`e kami?
  - A. Fiigicha ariitii
  - B. Geengoon hojjechuu
  - C. Dadacha'ina
  - D. Si'aayina
6. Kanneen asiin gadii keessa tokko qiriiphaa geengoon hojjetamun wal hinsimu
  - A. Diyameetiriin geengoo giraama 51-90 ta'uu qaba
  - B. Geengoon sibiila iraa qofa hojjetamu qaba
  - C. Sochii kan akka raafamuu, darbachuu ittiin hojjechuuf nu fayyada
  - D. Geengoon giraama 400 ulfaachuu qaba

## III. Deebi gabaabaa kenni

7. Sochilee qiriiphaa tartiibawaan keessatti hammataman
8. Imaa barreessi.
9. Faayidaa qiriiphaa barreessi.

# BOQONNAA JA'A

## DANDEETTII BU'UURAA KUBBAА OOFUУFI QILA'UU

Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Xumura boqonnaa kana booda:

- Dandeettii bu'uura tapha kubbaа sirriittii ni ibsita
- Walitti dhufeenyaaфи amala gaarii nidagaagfatta
- Dandeettii kubbaа oofuуfi qila'uu sirnaan ni agarsiifta

### Seensa

Taphni kubbaа miilaa tapha addunyaa irratti jaallatamaa ta'e keessaa isaa tokkodha. Kubbaan miilaa dandeettii bu'uura ittiin taphatan kan qabu yemmuu ta'u isaaniis kubbaа dhiituu, kubbaа kennuu, kubbaа oofuu, kubbaа to'achuu, kubbaа qabbaneessuu, addaan rukutuufi, galii eeguudha. Kubbaan saaphanaas akkuma kubbaа miilaataphoota biyya Itoophiyaa keessatti bakka hedduuti babal'atani taphatamuufi jaallatamuudha. Kubbaansaphanaadandeettiibu'uuraakanakkakubbaа qila'uu, kubbaа rukutuu, kubbaа kaasuu, kubbaа ittisuufi kubbaа irree hakaan taphachuu qaba. Boqonnaa kana keessattidandeettiwan bu'uura kubbaа miila keessaa kubbaа miila alaan oofuуfi dandeettii bu'uра kubbaа saaphanaa keessaa kubbaа jalaa ol qila'uu barattu.

### 6.1 Kubbaа miila alaan oofuu

Ga'umsa barachuu barattooni yoo xiqaate gonfachuu qaban

Xumura barannoo kana booda:

- Akkaataa kubbaan miila alaan oofamu hojjettee ni agarsiista.
- Dandeettii kubbaа miila alaan oofuu nidinqisiifatta
- Faayidaa kubbaа miila alaan oofuu nihimta.



## Gocha 6.1

1. Kubbaa oofuu jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaa kubbaa miila alaan oofuu maal fa'i?
3. Kubbaa miila alaan oofuu yeroo akkamii itti fayyadamta?

Kubbaa oofuu jechuun kubbaa dirree keessatti bakka tokkoo gara bakka biraatti miilaan lafarra gangalchuun fudhatanii deemuudha. Kubbaa yommuu oofnu miila keenya irraa osoo hinfageessiin to'annaa keenya jala oolchu qabna. Yemmuu kubbaa oofnu ijaan yeroo dheeraaf gara kubbaa gadi jennee ilaaluun barbaachisaa miti. Kanaafuu, gidduu gidduutti ol-jennee taphataa garee faallaa, taphataa garee keenyaafi dirree to'achuun barbaachisaadha.

### Kubbaa oofuu keessatti qabxiilee xiyyeffatamuu qaban


- Kubbaa miila ofirraa fageessuu dhiisuu,
- Fuula dura ilaala kubbaa oofuu,
- Taphataa garee faallaa bira yommuu geessuu haala dhaabbiisaa ilaaluun kallattii ittiin bira darbuu dandeessu adda baafachuu,
- Filannoo bira yoo hinqabdu ta'e malee kubbaa yeroo dheeraadhaaf of-harka tursuu dhiisuu,
- Taphataa gareekeetiif kubbaa bakka mijataa ta'eetti ariitiin kennuufi kan kana fakkaatanidha.



Kubbaa miila alaan oofuu

## Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachuu,
- Taphataan hunduu kubbaa yoo qabaate gaariidha, garuu yoo xiqqaate gareetti kubbaa tokko qabaachuun barbaachisa,
- Kooni sadii hanga shanii qopheeffachuu
- Koonii meetira 1.5 walirraa fageessanii kaa'uu,
- Barattoonni dabareesaanii eeganii kooni gidduu kubbaa oo-fuun ba'uudha.
- Qaama qabbaneeffachuu xumuruu



Kooni gidduu ba'uu



Kubbaa kutaa miila alaan koonii gidduu oofuu

## 6.2 Tapha Garee xixiqqa keesssatti kubbaa miila alaan gabaabsanii oofuu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:

- Adeemsa tapha garee xixiqqa keesssatti kubbaa miila alaan gabaabsanii oofuu nihimu
- Tapha garee xixiqqa keesssatti kubbaa miila alaan gabaabsanii oofuu ni agrsiista.


### Gocha 6.2

1. Akkataa kubbaan miila alaan gabaabsanii oofamu ibsi?
2. Kubbaa miila alaan gabaabsanii oofuu yeroo akkamii itti fayyadamta?

Kubbaa miila alaan gabaabsanii kan oofamu miila gulubii irratti gara keessatti dabsuun kan oofamuudha. Yeroo hedduu kan fayyadamnuuf kallattii kubbaa muudhi irraa kofa 90n jijiiruuf itti fayyadamna. Akkasuma kubbaan kallattii adda addaatti akka naannoftuuf nu fayyada.

### Akkataa shaakalaa 1


- Qaama sirriitti ho'ifachuu
- Barattoonni kubbaa nama lamatti tokko qabachuu,
- Barattoonni fuula dura jiran kubbaa oofuu,
- Barattoonni kubbaa malee jiran kanneen kubbaa qabatanii jiran hordofu,
- Barattoonni bakka barbaadame yommuu ga'an nama kubbaa hin qabneef kenuu
- Barattoonni akkataa faktii asiin gadiitti irra deddeebi'anii nihojjetu
- Qaama qabbaneeffachuun xumuruu



Dursaa hordotuuun hojjechuu

## Akkaataa shaakala-2

- Qaama sirriitti ho'isuu
- Koonii hanga barbaachisu qopheessuu,
- Garee xiqqaan nama 4-5 qabu ijaaruu,
- Dirree xiqqaa 20mx20m koonii yookaan mallattoo argamuun daangessuu,
- Taphattooni kubbaa qabatanii osoo daangaa keessaa hinba'iin wal-jala daddarbuun kubbaa miila alaan oofuudha.
- Qaama qabbaneeffachuun xumuruu



Rog-arfeekeessatti kubbaa oofuu

## 6.3 Tapha garee xiqqa keessatti kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban Xumura barannoo kana booda:**

- Akkataa saffisa ol'aanaan kubbaa oofuu ni ibsita,
- Faayidaa kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu nihimta,
- Dandeetti kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu hojjetee ni agarsiista.

### Gocha 6.3

1. Kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu jechuun maal jechuudha?
2. Kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu maaliif fayyada?
3. Kubbaa saffisa ol'aanaan yemmuu oofnu xiyyeffanno taasisuu qabnu maal fa'i?


Kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu jechuun kubbaa to'atame ariitiidhaan gara dirree garee faallaatti ariitiin oofuu jechuudha.

Kubbaa saffisa ol'aanaan oofuun gara dirree faallaatti siquufi, dirreen gara fuula duraa banaa ta'etti ariitiin kubbaa qabatanii gara galitti siquuf nama fayyada. Tooftaa deebisanii hubuu kubbaa miila keessatti, ariitiingartu faallaasossobanii bira darbuuf dandeettiin kubbaa saffisa ol'aanaan oofuuf gargaaruudha.

### Akkaataa shaakala

- Qaama sirriitti ho'ifachuu,
- Dirree bal'ina meetira 10mx20m kan ta'e koonii yookaan mallattoo argamuu danda'uun adda baafachuu,
- Barrattoonni kubbaa qabatan kanneen kubbaa hingabne fageenya meetira sadiin irraa fagaatanii dhaabbachuu

- Barattooni kubbaa qabatanii jiran akka kubbaa oofaan mallattoon kennuu
- Barattooni akka mallattoon kennameen kubbaa oofuu jalqabuu,
- Baratoonni kubbaa hinqabanne kubbaa irraa fudhachuuf duuba figuu,
- Barattooni ga'ee shaakalaa wal-jijiiraa kan itti fufan ta'a.
- Qaama qabaneessuun xumuruu



Shaakala kubbaa saffisa ol'aanaan oofuu

#### 6.4 Tapha keessatti akaakuu kubbaa oofuu garaa garaa fayyadamuu

##### Gocha 6.4

1. Akaakuun kubbaa oofuu maal fa'i?
2. Akaakuun kubbaa oofuu garaa garaa maaliif fayyada?

Akaakuun kubbaa oofuu gosa adda addatu jira. Isaaniis kubbaa miila keessaan oofuu, miila alaan oofuu, miila irra keessaan oofuufi walmakaa sadeeniidha. Tapha kubba miilaa keessatti akkaataa kubbaan itti dhuftu garaa gara waan ta'eef kutaalee qaamaa mijeessuun to'annee kubbaa oofuu gara garaatiin gara galiitti siiquu, dirree banaa keessa lixuufi gartuutti siiqanii taphachuuf haala mijataa uumuuf fayyada.

### Akkaataa shaakala

- Qaama sirriitti ho'ifachuu,
- Garee miseensa 3-5 qabu ijaaruu,
- Shaakala kana keessatti akaakuu kubbaa oofuu hunda fayyadamuu,
- Akaakuu kubbaa oofuu adda addaa suuta oofuun jalqabu,
- Ariitii itti dabalaa deemuun kubbaa kutaa miilaa adda addaan oofuu,
- Haala ariitii saffisa olaanaa, saffisa gidduu galeessaafi saffisa suuta jijiiraa shaakaluu,
- Shaakalli haaluma kanaan kan itti fufu ta'
- Qaama qabbaneessuun xumuruu

## 6.5 Tapha garee xixiqqaa keessatti Kubbaa jalaa ol-qila'uu

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqaate gonfachuu qaban**

**Xumura barannoo kana booda:**

- Tartiiba kubbaa jalaa ol-qila'uu nitarreessita.
- Kubbaa jalaa ol-qila'uu hojjettee ni agarsiista.
- Faayidaa kubbaa jalaa ol-qila'uu nihimta.
- Kubbaa jalaa ol-qila'uu maal akka ta'e nihimta.
- Kubbaa jalaa ol-qila'uu keessatti hojjettee ni agarsiista.
- Faayidaa kubbaa jalaa ol-qila'uu tapha garee keessaatti argamsiisu ni ajaa'ibsiifatta

### Gocha 6.5


1. Faayidaan kubbaa jalaa ol-qila'uu maal fa'i?
2. Tartiiba kubbaa jalaa ol-qila'uu himi

Dandeettii bu'uuraa kubbaa saaphanaa keessaa inni tokko kubbaa qila'uudha. Kubbaa saaphanaa keessatti qila'uun taphni kan ittiin eegalamudha. Faayidaan kubbaa qila'uu tapha jalqabsiisuuf, kubbaa taphaan ala taate taphatti deebisuufi hubuun qabxii ittiin argachuuf ta'a. Kubbaa saaphanaa jalaa ol-qila'uu akaakuu kubbaa saaphanaa qila'uu keessaa isa salphaadha. Akkaataan itti qila'amus, miila tokko fuula duratti dabarsuun yookaan miila lamaanuu qixa gateettiitti wal-qixa banuun kubbaa harka tokkoon xiqqoo ol-darbachuun harka kubbaa qabatee hinjirreen jalaa ol-fiduun qila'uun kan taasifamudha.

### Akkaataa shaakalaa

- Qaama sirriitti ho'ifachu,
- Fuula gara saaphanaa taasisuun dhaabbachu,

- Miila tokko gara fuula duraatti faana tokko walirraa fageessuun yookaan miila lamaanuu hanga gateettiitti bananii walqixxeessuun dhaabbachuu,
- Harka kubbaa hingilaanerratti gara fuula duraatti kubbaa qabachuu,
- Harka ittiin kubbaan qil'amu qopheessuu,
- Bakka kubbaa itti qilaatu ilaaluu,
- Kubbaa xiqqoo ol-darbachuun harka duubarra dhufreen qila'uu,
- Harki kubbaa qila'e kubbaa gara fuuladuraatti gaggeessu,
- Haaluma kanaan irra deddeebi'uun shaakaluudha,



Kubbaa jalaa ol-qila'uu

Kubbaa jalaa ol-qila'uu haala taphaan shaakaluun tapha keessattii itti fayyadamuuf gargaara. Kanaafuu nama lama lama yookaan isaa oliin ta'uun kubbaa jalaa ol-qila'uun walii kennaa shaakala taasiisuun barbaachisaadha.

## 6.6 Kubbaa irraa gadi qila'uu

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban**


**Xumura barannoo kana booda:**

- Kubbaa irraa gadi qila` uun maal akka ta'e nihimta.
- Tartiiba kubbaa irraa gadi qila'uu nitarreessita.
- Kubbaa irraa gadi qila'uu hojjettee ni agarsiista.
- Faayidaa kubbaa irraa gadi qila'uu nihimta.
- Kubbaa irraa gadi qila'uu tapha keessatti hojjettee ni agarsiista.
- Faayidaa kubbaa irraa gadi qila'uun tapha garee keessaatti argamsiisu ni ajaa'ibsiifatta

### Gocha 6.6

1. Faayidaan kubbaa irraa gadi qila'uu maali?
2. Tartiiba kubbaa irraa gadi qila'uu tarreessi.

Irraa gadi qila'uun kubbaa mataa olitti harka tokkoon ol darbachuun kubbaa qilleensarra jirtu mataa olitti harka biraan qila'uudha. Kubbaa irraa gadi qila'uun akka qila'uu harka jalaa salphaa ta'uu baatus garee faallaa hubuuf hedduu fayyada.



Kubbaa irraa gadi qila` uu

## 6.7 Taphoota bashannansiisoo

**Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:**

- Taphoota bashannansiisoo keessatti nihirmaatta.
- Fayidaa taphoota bashannansiisoo nihimta.

### Gocha 6.7

1. Hiikan taphoota bashannansiisoo himi.
2. Faayidaan taphoota bashannansiisoo tarreessi.

Taphoota bashannansiisoo jechuun taphoota hirmaannaaf taasifaman ta'ee ga'umsa qaamaa gabbisuu, gammachuufi hawwaasummaa cimsuuf kanooludha. Sochiintaphootabashannansiisoo kundhuunfaadhaanista'e gareendalagamuunofis namabiraaskan bashannasiisanidha. Yeroo tokko tokkobifadorgommiinkantaasifamanta'e seeramuraasaangaggeeffama. Taphoonni bashannansiisoo rakkoo dhiphina sammuu kan hir'isanidha. Akkasumas humna xiqqoon nama gammachiisuuf kan shaakalamudha.

Taphoota bashannansiisoon kun gosa adda addaa qabu. Isaanis taphoota aadaa, taphoota beekamoofi taphoota xabboo dha. Taphoota aadaa kan akka guluffii fardaa, tapha saddeeqaa dha. Taphoonii beekamoo kan akka tapha kubbaa, bishaan daakaa, dha. Taphoonni xabboo kanneen akka hibboo, mammaaksa, garmaamuufi geerarsa.

## Cuunfaa Boqonnichaa

Kubbaa miila alaan oofuunbakkaa bakkatti fudhatanii deemuufi tapha garee xixiqqa keessatti gowwomsuun bira darbuuf akka fayyadu barattaniittu.Kubbaa to'achuun oofuun dandeettii kubbaa garee ofi irraa kenneme yookaan dogoggoraan garee faallaarraa dhufe to'achuun gara fuula duraatti oofuuf nama fayyada. Kubbaa saaphanaa keessatti kubbaa jalaa ol-qila'uun tapha eegalchiisuuf, kubbaa taphaa ala taate taphatti deebisuufi hubuuf fayyada.Kanaafis,dhuunfaanis ta'e garee xixiqqa keessatti hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

## Gilgaala Boqonnichaa

**I. Gaaffilee asiin gadii dubbisuun sirrii yoo ta'e "Dhugaa" dogo-ggora yoo ta'e immoo "Soba" jechuun deebisi**

1. Taphni kubbaa saaphanaa qila'uun jalqabama.
2. Kubbaa jalaa ol-qila'uun dandeettiawan kubbaa qila'uu keessaa isa salphaadha.
3. Kubbaa oofuu keessatti ijaan callisnee ilaala oofuun barbaachisaadha.
4. Kubbaa miila alaan oofaa deemuun miseensa garee ofif haala mijataa hinuumu.

**I. Gaaffilee asiin gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e filadhu**

5. Faayidaa kubbaa miila alaan oofuu kan hintaane kam?

- |                          |                       |
|--------------------------|-----------------------|
| A. Galiitti siquu        | C.Garee ofi barbaaduu |
| B. Bakka duwwaatti siquu | D.Kubbaa qila'uu      |

6. Fayidaa kubbaa saaphanaa jalaa ol-qila'uu kan ta'e kamii?

A. Hiriyyaa barbaaduu

C-Kubbaa darbachuu

B. Tapha jalqabuu

D- Kubbaa qabachuu

II. **Deebii Gabaabaa barreessi**

7. Shaakala kubbaa saaphanaa jalaa ol-qila'uu barreesi.

8. Kubbaa miilaan oofuu keessatti qabxiilee irratti

xiyyeefatamuu qaban yoo xiqqaate sadii barreessi.

9. Kubbaa saaphanaa qila'uu keessatti bakka itti qila'an ilaaluun  
maaliif barbaachisa?

# BOQONNAA TORBA

## SHUBBISAIFI TAPHA AADAA NAANNOLEE ITOOPHIYAA

Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

Xumura boqonnaa kanaan booda:.

- Shubbisaafi taphoota aadaa naannoolee nihubatta
- Amala taphoota aadaa naannoolee Itoophiyaatti argaman muraasa nibeekta.
- Tapha aadaa adda addaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman hojjettee agarsiista.

### Seensa

Itoophiyaan biyya sabaafi sab-lammiin adda addaa keessa jiraatu ta`ee shubbisaafi taphoota aadaa garaa garaa kan of-keessaa qabdudha. Aadaa jechuun immoo karaa hawwaasni tokko eenyummata, jiruufi jireenyasaa ittiin ibsatudha. Akkasumas, aadaan meeshaa namoonni dhalootaa gara dhalootaatti ittiin ergaa dabarfatanidha. Aadaan immoo karaa shubbisaa, taphaa, amantii, nyaataa, aartiifi kan kana fakkaatuun ibsama. Waan kana ta`eef, shubbisaafi taphoonni aadaa kun jiruufi jirenyaa uummata Itoophiyaa wajjin hidhata waan qabuuf baay'ee jaallatamaadha.

## 7.1 Shubbisa aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaa

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:

- Shubbisa aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman adda nibaasta.
- Shubbisa aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman walitti dhufeenya uummata gidduutti taasisan nidingisiifatta.
- Shubbisa aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman keessaa tokko shubbistee ni'agariisita.

### Gocha 7.1

1. Shubbisa aadaa beekamoo Itoophiyaa keessatti argaman isaan kami?
2. Shubbisa aadaa naannoo kee keessaati tokko shubbisuun daree keetti agarsiisi.

Biyyi keenya Itiyoophiyaan shubbisa aadaa gosa garaa garaa qabdi. Isaan keessaa muraasni shubbisa aadaa uummata Oromoo, Tigiree, Amaaraa, Sumaalee, Beenshaangul Gumuz, Gambeellaa, Sabaafi Sablammii uumata kibbaafi kan kana fakkaatan yommuu ta'an itti aansitanii kan barattan ta'a.

#### a. Shubbisa aadaa saba Oromoo

Uummanni Oromoo shubbisa aadaa mataa isaanii qabu. Shubbisni aadaa kun sababa ballina lafaafi baay'ina uumataarraa kan ka` e akkaataan raafamaqaamaafirukuttaangaraagarummaa kanqabudha. Fakkeenyaaaf, shubbisaaadaanaannoo Shawaa, Arsii, Baalee, Boorana, Gujii, Wallaggaa, Oromoo Walloo, Jimmaa, Harar, Oromoo Matakkal, Oromoo Raayyaafi Iluu Abbaa Booraa keessatti argama. Kunis, sochii qaamaa waan gaafatuuf ga'umsa qaamaa waliin hariiroo qaba.



Shubbisa aadaa ummata Oromoo keessaa tokko

### b. Shubbisa aadaa saba Tigiree

Shubbisi aadaa uummata Tigiree muraasni rukkuttaa dibbee, utaaluu, ofirra naanna'uufi quphanuun shibbisuun beekama. Kun immoo kan argisiisu yommuu marsaniifi yeroo gatiittii isaanii sochoosan sochii qaamaa wajjin hariiroo guddaa qabaachuu isaa kan argisiisudha.



Shubbisa aadaa uummata Tigiree

### c. Shubbisa aadaa saba Amaaraa

Shubbisni naannoo saba Amaaraa shubbisa aadaa Iskistaa, sochii naannoo gateettii, mormaafi qoma raasuudhaan shubbifamudha. Akkaataan raafamuufi tartiibni rukuttaa isaa kan Goojjam, Walloofi Gondor jedhamuun waamamu. Kunis akkuma naannoo biraa sochii qaamaa waan gaafatuuf ga'umsa qaamaa waliin hariiroo qaba.



Shubbisa ummata Amaaraa

### d. Shubbisa aadaa saba Somaalee

Sabni Somaalee shubbisa aadaa mataa isaanii qabu. Kanneen keessaa akkaataan shubbisa aadaa shamarraan isaanii huccuun rifeensa mataa isaaniitti golguudhaan fixee isaa gara cinaa mataa isaanitti qabuun kan shubbisan yommuu ta` u kun immoo miidhagina akka dabaluuf jecha kan shubbisanidha. Kunis akkuma naannoo biraa sochii qaamaa waan gaafatuuf ga'umsa qaamaa waliin hariiroo qaba.



Shubbisa aadaa ummata somaalee

e. **Shubbisa aadaa sabaafi sab lammii naannoo kibbaa**

Akkuma beekamu sabaa sab lammiiifi uummattoota naanhoo kibbaa saboонни garaa garaa kan keessa jiraatanidha. Sabaafi sab lammoonni achi keessa jiraatan kunniin akkaataa aadaa naannoo isaanitti shubbisa aadaa kan mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaaf kan Walaayittaa, Gaamoo, Kambaataa, Kafaa, Geediyoo, Hadiyaa, Yam, Guraageefi kan kana fakkaatanidha. Shubbisni isaanii irra caalaatti raafamuu, utaaluufi sochii qaamaa naannoo mudhiitti ta` ee garuu qaama mudhii oliis mudhii gadiis kan gargaaraman ta` a.



Shubbisa aadaa Walaayittaa

## 7.2 Taphoota aadaa beekamoo muraasa naannoolee Itoophiyaa keessatti argaman

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban  
Xumura barannoo kana booda:

- Tapha aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman nitarreesita.
- Tapha aadaa beekamoo naannoolee Itoophiyaatti argaman adda nibaasta



## Gocha 7.2

1. Taphoonni aadaa faayidaa maal faa qabu?
2. Taphoonni aadaafi ispoortiin ammayyaa hariiroo akkamii qabu?

Taphoonni aadaa biyya keenya keessatti taphatamu hedduu akka ta`eefi amaloota adda addaa akka qaban beekamaadha. Isaan kana keessaa kanneen yeroo ammaa baay'ee beekamaniifi kan naannoo hundatti taphatamaa jiran muraasni isaanii tapha qillee, saddeeqa, guluffii fardaa wal'aansoofi kan kana fakkaatanidha.

### a. **Tapha Qillee**

Taphni qillee taphoota aadaa biyya keenyaa keessaa isa tokko ta`ee, yoom akka jalqabame waanti ifatti beekamu hinjiru. Taphni kun garee lama gidduutti kan taphatamuufi meeshaa kan akka kubbaa xiqqoo fakkaatu maqaan ishee burii jedhamtuufi ulee garri gadii isaa golboo ta`een kan taphatamudha. Taphni qillee kun kan taphatamu burii kan jedhamtu kana ulee golboo, lafarra oofaa gara galii garee faallaatti galchuudhaan kan gaggeeffamudha.




Tapha qillee

## b. Saddeeqa

Saddeeqni tapha aadaa Itoophiyaa keessaa isa tokko ta` ee gabatee / miinjaala/ gidduu lamaan kaa` uudhaan nama lama ta` anii achirratti kan taphatamudha. Gabateen /miinjaalli/ tapha saddeeqaa waantota garaa garaarra qopha` uu nidanda` a. Isaanis: muka, dhagaa, lafarratti boolla qotuufi kan kana fakkaatan gargaaramanii qopheessuun nidanda` ama.

Taphni saddeeqaa uummata Itoophiyaa biratti baay'ee kan jaallatamuufi kan yeroo mara taphatamudha. Sababni isaa immoo meeshaan irratti taphatamu yeroo barbaadanitti qopheeffachuu waan danda` aniifidha. Taphoonni saddeeqaa boolla gabateerra jiru keessa wantota xixiqqoo naannawaa ta'e ija mukaa yookiin dhagaa xixiqqorraa kan hojjetamte keessa bubusuudhaan kan taphatamudha. Saddeeqni gosa lamatu jira isaanis abbaa boolla 18fi abbaa boolla 12 ti.





Saddeeqa abbaa boolla 12

### C. Guluffii fardaa

Guliffiin fardaa gosa ispoortii aadaa keessaa isa tokko ta`ee waldorgommii fardaan taasifamudha. Fardi mallattoo gootummaa waan ta'eef tapha aadaa jaallatamaadha. Guluffiin fardaa naannoolee biroos kan jiru ta'us naannoo Oromiyaatti baay'ee kan beekamuufi jaallatamudha. Guluffiin fardaa guyaa ayyana waggaa irra caalaatti guyaa ayyana gubaa/masqalaa adeemsifama.



Guluffii Fardaa

## D. Wal` aansoo

Seenaan akka ibsutti wal`aansoon eessaafi akkamitti akka eegale jiraachuu baatus uumama isaatiin wal-qabatee tapha umurii dheeraa qabuufi yeroo durii namoonni jabina isaanii mul'ifachuuf jecha tapha taphachaa turaniidha. Namoonni koorniyaa walfakkaatanifi umuriin walitti dhiyaatan walitti dhufanii taphataa kan turanidha. Kanarratti namni taphichamoo` ate naannoosanatti kan kabajamuufi kansodaatamu ta` a. Taphni aadaa wal'aansoo kan gageeffamu naannoqotee bulatti erga qonnaan xumurameen booda yeroo ta` u naanno horsiisee bulatti immoo horiin margadheedee ergaquufee booda taphatama. Bakka taphni wal'aansoo itti taphatamu afata, lafa marga qulqulluu, cirracha lolaan kuuseefi kan kana fakkaatan irrattidha. Yeroo ammaa garuu guutummaa biyyattii keessatti waldorgommii ispoortii aadaa keessaa isa tokko ta` ee federeeshinii ispoortii aadaa Itoopiyaan kan hogganamudha.



Waldhaaansoo

## Cuunfaa boqonnichaa

Biyyi Itoophiyaa sabaafi sablammoonni addaa addaa kan keessa jiraatanidha. Sabaafi sablamooni kunniin immoo aadaa mataa isaanii niqabu. Aadaa isaan qaban kanneen keessaa shuubbisnifi taphoonni aadaa fakkeenya ta'uu kan danda'aniidha. Biyyi Itoophiyaa shubbisaa aadaa hedduu haaqabattuyyuu malee muraasa isaanii akka naannooleetti yoo fudhanne: shuubbisa ummata Oromoo, Amaaraa, Tigiree, Somaalee, Gambeellaa, Sabaafi Sablammoota kibbaa, Benishaangul Gumuz, Harariifi Sidaamaa jedhamuun waamama. Akkasumas taphoonni aadaa biyya Itoophiyaa keessa jiraatan baayyee hedduu yoo ta`an illee isaan beekamoo keessaa muraasni guluffii fardaa, qillee, wal'aansoo, saddeqafi kan kana fakkaataniidha.

## Gilgaala Boqonnichaa

I. **Gaaffilee asiin gadii yoo sirrii ta`e "Dhugaa" yoo doggora ta`e immoo "Soba "jedhii deebisi.**

1. Shubbisni aadaa ummata Itoophiyaa walfakkaata.
2. Shubbisnifi taphoonni aadaa dudhaafi aadaa uummataa dagaagsuu keessatti ga` ee ol'aanaa qabu.

II. **Gaaffilee asiin gadiif qubee deebii sirrii ta'e filadhu**

3. Tapha aadaa keessaa saddeeqa si'a tokkotti nama meeqatu taphata?

A.5            B. 11            C. 2            D. 5fi isaa ol

4. Boolla saddeeqaa maalirratti qopheessuu dandeenya?

A. Muka      B. Dhagaa      C. lafa      D. hunduu deebiidha.

5. Itoophiyaa keessaa shubbisni aadaa raafamni qaamaa irra caalaan naannoo mudhii ta` e shubbisa aadaa ummata\_\_\_\_\_ti.

A.Tigiree

C.Oromoo.

B. Sabaafi sablammota ummata kibbaa D. Amaara

### **III. Gaaffilee asiin gadiif deebi gabaabaa kenni**

6. Taphoota aadaa Itoophiyaa lama barreessi.

7. Gosa tapha saddeeqaa barreessi.